SEENAA GOOTOTA OROMOO

JENERAAL WAAQOO GUUTUU

Jeneraal Waaqoo Guutuun (1920 - Gurraandhala 3, 2006) geggeessaa Fincila Baalee fi qabsaawaa mirga uummata Oromooti. Jeneraal Waaqon umurii isaa guutuu mirga ummata Oromoo kabachiisuf qabsaa'un dabarse.

Ijoollummaa Isaa

Gootichi Oromoo Jeneraal Waaqoo Guutuu abbaasaa Guutuu Usuu Cammarrii fi haadhasaa Dhuulloo Alii Hasanirraa bara 1924 aanaa Madda Walaabuu lafa Oda jedhamutti dhalate. Abbaansaa Guutuun ilma dhiiraa kudhanii fi durba sagal walumaagalatti ijoollee kudha-sagal qaba ture. Isaan keessaa Jeneraal Waaqo ammoo dubartoota torbarraa ijoollee afurtamii-sagal kan hore yoo ta'au , kaniin keessaa kudha-shan lubbuun hin jiran. Yeroo ammaa (2015tti) dubartoota kudha-ja'a fi dhiirota kudha-saddeetii walumaagalatti ijoollee soddomii-afur qaba.

Jeneraal Waaqo ijoolummaa isaatirraa jalqabee xiiqii fi jibbinsa diinaa qaba; faandhooftuu diddaa gabrummaas ture. Bara 1938, fuudhee mana osoo hin bayin, osoo abbaansaa hinbeekin horii abbaasaa gurguree qawwee ittiin bitate. Sammuunsaa roorroo gabrumaa fudhataa waan hinta'iniif ijoollee hiriyootasaa gurmmeessuun akkasumas gorsuun poolisii mootummaa tumaa turan.

Qabsoo Jalqabuusaa

Jeneraal Waaqon bara 1943 Muhaammad Gadaa Qaalluu fakkeenna godhachuun diddaa gabrummaatti seene. Bara 1952 akka nama hiyyeessa tokkoo ta'anii uffata poolisii nama dhaloota gosa Raayituu Alii Jiloo kan maqaan kiristaana Shaalaqaa Isayaas jedhanii mogaafatan kadhate. Erga inni uffata kana kenneefii booda isuma uffachuun magaalaa seeneei kitilaayyota Nafxanyaa sodaachisaa ture. Iccitiidhan gartuuleen diinaarrati tarkaanfii ciccimaa fudhataa turan. Haaluma kanaan, bara 1958 poolisii lama ajjeesan. Baruma kana keessa poolisoota erga ajjeesaniin booda, Waaqon akkuma tasaa magaalaa Nageelleetti shaalaqaa sanaan walargan. Yoo kana "Eessatti baddee, Waaqoo!!!" jedhee gaafate. Yoo tana malli dafee dhufeefii "Looniin godaanee gammoojjii ture, damma adii ati jaalattu kan nagaafate san siif arge, horii ittiin bitu dhabee fidi" jedheen. Shaalaqaan baayyee gamaddee qarshii 200 itti kenne. Qarshii kanaanis rasaasa zinnaara dachaa lamaa ittiin guutatee. Ammas baatii tokkoon booda Nageellematti walitti dhufani. Nagayyumalee utuu hin gaafatin "maali si barbaadaa mitii, damma kee bitee lafa jiraa, horii karaa waan kafalu ittiin feesisuun dhabee" jedheenii qarshii 20 ammallee irraafudhate tooftaa kana fakaatu hedduun gargaaramanii diina hifachiisaa turan.

Bara 1962 dhiibaan, gidiraafi ajjeechaan mootummaa Nafxanyaa Hayila Sillaasee ummata isaanii irratti hammataa dhufnaan ijoollee gana kudhanii gadii imaa Helgool Waaqoo. Abdallaa guutuu , Alii Jiloo, Yisaaq Suudee Goobana, Muhaamad Butaa Aagaatii, Alii Buttaa Aagaa kkf dhibboota ajjeefaman keessaa haga tokko yoo ta'an, tarkaanfii Mootummaa Abashaa kana hifachuun ummanni bulchitoota naannooo kana mootummaatti hiyyate. Yeroo kana dubbiin kun mooticha bira ga'e. Finfinnee irraa Koloneel Taaaddasaa Tagan namni jedhamuu fi ajajaa waraanaa kutaa bulchiinsa Sidaamoo yeroo sanii koloneel Zawudee Xilahun gadi dhufanii uummata Oromoo naanoo Nageellee Booranaa jiru mooraa waraantitti walitti qabuun rakkoon keessan maali jedhee yoo gaafatu ummanni "rakkoon teena isini biyya teena irrati dhuftanii nu ajjeessaa jirtan, dubartii fi daa'imman teena irra deemitanii fixaa jirtan, qabeena keena saamtanii kaan barbadeesaa jirtan, namoon isin of jalati qabattanii nuun ajjeeftaniif nuun saamtan maaliin nuun adda jiran? Nuuf isaan obboleeyaanii

maaliif adda nu baaftan? kana hundaa isintuu nutti fidee lafa keenyarraa nuu ka'aa" jedhaniin. Nafxanyoonni lafa kana gadi lakkiftanii deemuu qabdu, yoo diddan ajjeechaa, saamichii fi qabeenya barbadeessun itti fufa jedhaniin. Ummanni wacee lakki jennaan loltuu waraanaa itti waamani.

"Gabroomfattootni ammoo ummatchaan guyyaa torba keessatti akka gadi lakkiftanii biyyanaa baatan, murtii tana beekaa," jedhanii gadi furan. Jagnoonni diddaa murtii gabroomfattootaatiin ba'an Gannaalleen gama cee'anii, Walaabu keessatti Kadiir Waariyoo Luugoo, Abdurrahmaan Haroo Abdii, Huseen Harcummaa Boruu, Huseen Abdurrahmaan Jaldoo, Roobaa Hindukkoo, Taa'oo Iggee Muussaa Dooyaa Jaarsoo, Huseen Waaqoo Dhaddeetiin walqunnamuun murtii gabroomfataan ummata irratti dabarse kana dura dhaabatchuuf qawwee afur qabanirratti sadi'i dabalatanii bitachuun lolaaf of qopheessan. Haala kanaan diinaan lola'aa humna cimsataa deemuun, Suumaalee irraas odeeffannoo argachuu jalqaban.

Waaqoo Guutuu Kadiir Wariyootii fi Huseen Harcummaa futdhatee, Abdullaahii Usmaan, Muussaa Sheekaa, fi Abdurrahmaan Haroo dhaamsa waliin biyyatti ol deebisee gara biyya Sumaalee socho'e. "Ummata keenyaan wal ta'aa, Amaara ofirraa ittisaa, hafuura keenyallee nuhordofaa!" jedhanii Eela Baalantichaatti addaan bobba'uun, bakka bu'oota woraana gosoota: Ajjuurana, Karallee, Gurraa, Garri'ii fi wkf wajjiin walqabatanii Bulahawoon Sommaalee seenan. Warri dhaamsaan biyyatti ol-deebi'ellee, Gannaale Arba-Gabbaa bakka jedhamutti ummata walga'e kan maanguddoonni akka Waaqoo Luugoo, Camarrii Guutuu, Aadam Jiloo, Muussaa Dooyaa, Ibraahim Qurii tii fi kkf keessatti argaman qunnamuun dhaamsa isaanii dabarfatan.

Murni gama biyya ollaa deeme, qondaalota Somaalee Bulahawoo irratti qunnamu'uun yaada isaanii erga hubachiisaniin booda, xiyyaaraan Moqaadishoo geessuun, ajajaa poolisii Motummaa Somaaliyaa Koloneel Umar Muhaammad H/Masallaa simatee qubachiisuun dhimma isaan deemaniin erga irraa hubateen booda, gara Jeneraal Daawud Abdullee, Ministeera Ittisa Biyyaatti geesse. Jeneraalchillee qormaata fetdhu irratti dhuunfaa fi gamtaan adeemsisee, haala ummata kanniinii erga hubateen booda, Waaqoo Guutu'uu addatti waamee "Mootummaan Habashaa: Mootummaa dullatti bara dheeraa bulchiinsa irra turtee, isin dhiisii nutuu Mootummaan Somaalee humna isaaniin nu lolchiisuu dandeettu ga'aa hinqabnuu, waraanni mootummaa Itoophiyaa guddaa akka ta'e isinuu himaa jirtanii waan humna keessaniitii olii kanaan loluuf yaaduu dhiisaa, waan sibarbaachisaa hundaa siif godhaa, asuma quphadhuu taa'ii, taa'ii yeroo itti eggadhuu" jedheen.

Waaqoo Guutuu, mootummaasn Itoophiyaa waraana guddaa qaba jechuunkee dhugadha, garuu nuti gurmuu guddina isaa dadhabnee usuu hin taane, meeshaa woraanaa keessattu rasaasa dhabuu keenyaaf malee, yoo meeshaa waraanaa arganne, rabbiin gargarsifatnee akka ofirraa kaasuu dandeenyu ummata kiyya irraa abdii qabaa, rakkoo jiruu dadhabee biyyaa hinbaanee, laaftee jabaatteellee manuma oo'aa keessaa ba'e, amma diina maangudoo, dubartii fi daa'imman keenya bakka hundatti fixaa jiru fi qabeenya keenya saamuu fi barbadeessaa jiru kana hanga dhoofnee of keessaa baafnutti jireenyi ani mataa mataa kiyyaan argadhee ittiin jiraadhu tokkollee naaf hinjiru, mootumma Habashaa ‘Guddoodha hindandeessan" jettu tana akka dandeenyu sitti agarsiifnaa, yoo qawwee guddoollee naaf dhabde, rasaasuma Albeenii fi Minishirii naaf kenni," Ammallee isin obboleewwan keenna tokkoo, rabbiin isin gargaaree, rakko gabrumma'aa hamtuu san jalaa isin baasee, namni miila lamaan dhoqqee seene miila tokko dhiqatee tokko hindhiisuu, nuti miila keessan tokko kan dhoqqee keessatti hafee, dhoqqee gabrummaa Nafxanyaa kana keessaa waan dandeessaniin nu gargaaraa, nubaasaa" jedheen. Jeneraal Daawudillee yaada isaa kana xiinxaluun hubatee "Wanti ati nuun jette dhugumaa! Ammoo nutillee marga

qacalee reef ba'aa jiru, nibeektuu, wanti guddoon isin gargaarru jiraachuu dhabaatus, waan humna keennaa isinii goona, mee hangasiif gama Bulahawootti ol-deebi'aatii na eegaa." jedhee gara koloneel Umar deebise.

Guyyaa gabaabaa keessatti koloneel Umar jara kaawwan Bulaahawootti gaggeesse. Waaqoo fi Kadiiriin Moqadishootti hambise. Isaan ammoo, afaan Sumaalee faaratti beeekuu dhabuu irraa kan ka'e, hafuu isaanii kanatti, "Maali'iif nu hambisan?" jetdhanii yaaddayan. Hedduu rifatan, gaddan. Tanuma keessa Jeneraal Daawud guyyaa lammataa Helekoopterii ofiitin Waaqoo fi Kadiiriin gara Bulaahawootti fudhate. Amma Jeneraal Daawud hooganoota gosoota waraanaa hunda waliin jiran walitti qabee, Jeneraal Waaqoon hooganaa isaanii godhee muude. Qawwee Dhoombir afurtama, matirayyeesii Toomaas lama fi Boombii sadi'i kenneefii "yoo isin silaafuu waraana Amaaraa hindandeettanii, mallayyoo poolisaa ykn hiituma mudhi'iillee boojitanii naaf fiddan fuula dura waan kanaa olii akka isin gargaaruu fi bifaa fi baay'inni qawwe'eellee kanaa ol akka ta'u waadaa siif gala," jetdhee gaggeessa. Amma Waaqo nama sadi'ii, qawwee afurtamii-lamaa fi boombii sadi'iin fe'atanii galuuf gaala barbaadachutti jiran, Camarrii Guutuu woraana nama afurtama qabatee dib-jedheef. Gammachuu guddaan qawwee walii hiratanii, itti gaafatamtoota waraana kaanii wajjiin taa'anii mari'atan. Sochii isaaniifillee maqaa baafatan. "HIZBII" ofiin jedhan. Namuu gama biyya isaatti socho'e, waraanni Waaqoollee gara Oromiyaa-Baaletti qajeele.

Humni Waaqoo Guutuu Oromiyaa seene, maqaa isaa kama qawwee isaa baafate, "dhoombir" ofiin jedhe. Bara 1963 malkaa Annaatti seensa ji'a Caamsaa irratti waraana Amaara kan isaan gaadaa jiru, lakkoofsan dhibba ja'a ta'u, shaalaqaa Buzunaan durfamuun waliin walsiman. Lola ganama saa'aa 10:00 irraa jalqabee saafaya booda 2:30tti adeemsifameen, humna diinaa irraa namni afurtamii sadi'i yoo ajjeefamu dhibbaa ol kan ta'ummoo madaa'e. Yeroo duraatiif qawween Oromoo akka Amaara ajjeeftu hojiin mul'dhatee, deeraa fi ijoolleen daaw'atte. Guyyaa kana qawwee M1 ykn Furgoo saddeet, kan akaakuun isaa hinbeekamin kudha sadi'i booji'an. Shaalaqaa Buzunaan dursa waraana ofii baqatee Bidiretti gale. Gootota Diddaa-Gabrummaatiif bayan keessaa lola kana irratti gootonni lama wareeggaman.

Falmiin bifa kanaan jalqabee bal'dhinaan itti fufee kutaa Baalee walakkaa ol akkasumas Sidaamoo koonyaa muraasa gabrummaa Habashaa jalaa bilisoomsee waggaa saddeetif bulcha'aa ture. Haaloo baafannaan Hayila Sillaasee birmachuu meeshaa fi beektota faranjiitin gargaaramee gara-jabinaan hamma bara 1969 ummata Oromoo beeraa fi ijoollee dhibba sadii'ii fi kudha shan qilee keessatti fixuun diniina ummatatti kenne. Kunis "Waaqoon fidaa, yookan ammoo ummata harka boojuu jiru keessaa dhiira umurii kudha shanii olii jiran fixuu" jedhee maanguddoota waamuun itti hima. Dhiibba kana irraa kan ka'e "anaaf jecha lubbuun ummata kiyyaa hindhabaminii." jedhe Onkololeessa 1970 motummaatti harka kennatan. Haaluma kanaan, gootichi Waaqo qoratamanii mooticha waliinillee dubbatan. Badii biyyaa irratti raawwatameef balleessan gutumaa-guututti kan mootummaa ta'uun itti walii galamee, "ammaa booda biyya waliin bulchina" jedhan. Aanga'oo fi bulchaalee mirkaneessanii fii Jeneraal Waaqollee biyyatti deebi'an. Haga dhuma 1975 biyyuma keessa turanii 1976 humna Waraana Soowraa ykn Jaanaddee ijaaramee ol bobba'e Magaalaa Bidiree keessaa ba'uun isaaniitti makaman. 1976-1983, itti-gaafatama adda-addaa irratti humna Soowraa hoogganaa turan: ajajaa woraanaa ta'uun, itti gaafatamaa dantaa haajaa alaa ta'uun, itti aanumma'aan gaggeessa'aa turan.

Akeekni Jeneraal Waaqoo bilisummaa uummata Oromooti. Kunis kan mirkanaa'u tokkummaan uummata Oromoo yoo eegame jechuun Dhaaba Adda Tokkummaa Bilisummaa Ummata Oromoo (ATBUO) bara 1989 hundeessun dura bu'ummaan hooganaa turan. Bara 1991 Motummaan Dargii jige,"rakkinna Ummata Oromoo karaa nagayaatiin haafuramuu" jechuudhaan Mootummaa Ce'umsaatti dhaabbilee dabalaman keessaa

jaarmayaan Waaqoo Guutuu isa tokkoo ture. Diinni qoosaa hinbeekuu, murtii nagayaa diignaan isaanis bara 1992 chaartera keessaa bahanii qabsootti deebi'an. Bara 2000 tti humnoota Oromoo qindeessuun /ULFO/ dura taa'ummaan gaggeessanii jiru. Waldhabbii jaarmayaalee Oromoo gidduu jirus furuuf qooda guddaa kennanii turan. Dhaamsa ummataa dura taa'ummaan gaggeessanii jiru. Waldhabbii jaarmayaalee Oromoo jidduu jirus furuuf qoodda goddaa kennanii jiran. Dhaamsa Ummataa ergan keessaas "Yaa ummata keenya gaafa beekaan hinheddumaatin waljala yaanee, diina keenna ofirraa dhoofne. Har'a ammoo beekaan heddummaatee, waldhagayuun dhabamtee, ummata keenyaallee waa godhuu hanqanne. Har'a tokko ta'aa jirra, dhaabbilee Oromoo ja'an walii galtee uumaa jirra, Ummatni keenya waan guddaan gadii baanaan nu eegaa jiraa—mee gaara dorrobe nu hingotdhinaa. Bara durii gaarri dorrobee maal dhala jedhanii odoo eeganii lilmoo dhale, gaara dorrobee lilmmoo dhale nuhingotdhinaa," jedhanii ummata isaaniitti dhaamatanii turan.

Injifannoo Waraanaa
Loltoonni Waaqoo Guutuu lenjii fi meeshaa ga'aa qabaachuu baataniyyuu gootummaan waan lolaniif injifannoo battalumatti galmeessuu jalqaban. Injifannoo guddaa argatan keessaa tokko Waraana Malkaa Annaatti bara 1963 godhame. Waraana kanarratti, helekoopterii lama qawwee dhombiir kan otomaatikii hintaanen rukutanii kuffisan. Kanaafis barri 1963-1970 jiru ummata biratti maqaa qawwee sanaatti moggaafamee "Towra/Sowra Dhombiir" jedhamuun beekkama. Waraana Dhombiir kan Malkaa Annaatti godhamerratti finciltoonni Oromoo meeshaalee waraanaa baayyee booji'an, kunis meeshaa ittiin diina ofirraa ittisan jabeesseefi. Finciltoonni waraana kanarratti gootummaa guddaadhan ijoollee, haadha manaa fi loonsaaniirraa diina ittisuuf ciniinnatanii lolani, kanaafis injifatani.

Du'uusaa
Jeneraal Waaqo dhukkubsatanii gaafa Gurraandhala 3, 2006 lubbuunsaa dabarte. Dr Gammachuu Magarsaa awwaala Jeneraal Waaqoo irratti akka dubbatetti "Waaqoon odoo lubbuun jiruu dhiisii gaafa du'ellee ummata gara garaa walitti fida" jedhe. "Dhaloonni isarraa dhaalu ummata Oromoo tokko akka godhan amanna". Jeneraal Waaqon, qabsoo bilisummaa uummanni Oromoo godhe fi godhaa jiru keessatti gumaacha guddaa godheen yaaddatamaa jiraata.

JAAL JAARRAA ABBAA GADAA

Jaarraa Abbaa Gadaa(1936-2013), maqaa dhalootaa Abdulkariim Ibraahim Hamiid jedhamuunis ni beekkama, qabsaawaa mirga Oromootif falmaa ture fi falmata mirga dhala namaati. Jaarraan umuriisaa guutuu ummata Oromootif qabsaawun dabarse.

Seenaa Duubaa
Jaarraa Abbaa Gadaa Baha Oromiyaa, konyaa Gaara Mul’ataa ganda Mudiir Gooroo keessatti abbaasaa Ibraahim Hamiid fi harmeesaa Moominaa Eeboo irraa bara 1936 dhalatan. Yeroo umuriin barnootaf ga'us mana barumsaa galanii barachuu eegalan.

Mana barumsaa sadarkaa olaanaa Harar keessatti yeroo baratan, baratoonni saboota biroo akka Amaaraa, Hararii fi kkf yeroo ayyaanaa walaloo fi sirba aadaa sirbanii ummata isaani bashannansiisu ture. Baratoonni Oromoo garuu, sababa hacuuccaa, dhiibbaa fi jibbiinsa irratti geggeeffamurraa kan ka'e hirmaannan afaanii fi aadaa ofii guddisuu hinyaaddamu ture. Kun itti dhaga'ame Jaarraa Abbaa Gadaa, barattoota Oromoo walitti gurmeessun dhaaba "Waldaa Barattoota Oromoo" jedhamu hundeesse. Jaarran karaa dhaaba barattootaa kanaatin, ijoollen Oromoo wal akka baran, hacuuccaa ummata Oromoorratti hojjatamu akka hubatan, afaansaanii fi aadaasaanii akka guddisan dadammaqasaa ture. Namoota yeroo sana dhaaba kana keessa turan keessa pirofeesar Mahammad Hasan, Xahaa Alii Abdii,

Jamaal Alii Abdii faadha. Dhaabni kunis jajjabaatee, bara 1961tti mana siinimaa Hararitti, agarsiisa aadaa Oromoo geggeesse.

Barumsa sadarkaa lammaffaa akkuma xumureen, Akkaadaamii Barumsa Waraanaa Harar galee barachuu jalqabe. Yeroo gabaabaa booda, bulchiinsi akkaadaamichaa, amantiisaa akka hinshaakalle waan dhorkeef, bakka bilisaan jiraachuu ta'usaa waan hubateef, barumsa addaan kutee ba'e.

Qabsoo Hidhanoo
Bara 1966 qabsaawota Baalee kan gabrummaa hadhooftuu lolanitti makamuuf loltoota 12 fudhatee gara Baalee deeme. Baaleettis Fincila Jeneraal Waaqoo Guutuutiin hogganamu sanitti galee qabsoo jalqabe. Fincila Baalerrattis lola gurguddaa hedduu keessatti hirmaateera.

Akkuma mootummaan Fincila Baalee too'annoo jala oolcheen, Jaarraan leenjii fi meeshaa waraanaa gahaa qabaachuun murteessaa ta'uu Isaa waan hubateef achumaan gara Somaaliyaa deeme. Mootummaan Sumaalee qabsoo Baaletiif gargaarsa gochaa ture, haaluma kanaan Jaarraas simatan. Boodarra garuu, bara 1969 Mootummaan Ziyaad Baarree kan Somaaliyaa maqaa Oromootin qabsoo hayyamu dide. Ziyaad Baarreen Oromoonni maqaa Somaaleetiin yoo qabsaa'an malee gargaarsa akka hinarganne ibsan. Akka Ziyaad Baarree jedhutti Harargee, Arsii, Baale fi Sidaamoon Somaaleedha, Oromoo miti. Kanaaf Maqaa Somaaleetiin malee gargaarsa takka qabsoo biraatiif hingodhan.

Jaarraan Abbaa Gadaa yeroo kana gara biyya Arabaatii gargaarsa barbaacha Yaman deeme. Bara 1970 Yaman Kibbaa magaala Eden gale. Yamanittis, Oromoota kan biroo kan Elemoo Qilxuu, Huseen Sura fi kkf walarguun waa'ee qabsoo Oromoo mari'atan; dhaaba Oromoof qabsaa'us hundeessuf murteessan. Mootummaa Yaman waliin marii kan godhe yoo ta'u mootummaan Yamanis gargaarsa gochuuf abdii kennaniif. Baruma sana keessa gara Iraaqis deemee qaamoota mootummaa waliin marii godheera.

Huseen Suraa, Jaarraa Abbaa Gadaa, Elemoo Qilxuu fi hoggantoonni kan biroo Kaayiroo, Bagdaad fi Damaasqoo dhaquun marii geggeessan. Mootummaan Iraaqii fi Sooriyaa meeshaa waraanaa keennuufiif, Filisxeemonni Sooriyaa keessa jiran leenjii waraanaa kennuuf waadaa galan. Erga qophiin barbaachisu xumuramee booda, loltoonni 36 biyyatti deebi'anii qabsoo waraana kan eegalan leenjii waggaa tokkoo fudhatan. Maqaan loltoota kanaas Qeerroo Ganamaa jedhamaee moggaafame.

Baruma kana Jaarraan Qeerroo Ganamaa hogganuudhaan meeshaa waraanaa fudhatee gara biyyaa qajeele. Qeerroo Ganamaa 36n hogganuudhaan Jaarraan doonii yaabbatanii Sumaaleetti wayita bu’an, waraanni Sumaalee isaan marsee isaan qabe. Bara 1970tti Somaaliyaa keessatti mana hidhaa Mandheeraa jedhamutti waggaa shan hidhaan dabarsan. Waggaa shan hidhaa keessa turee achii ba'ee gara Moqaadishoo geeffame. Moqaadishootti Ziyaad Baarre ofumasaatii Jaarran Adda Bilisumma Sumaalee Dhihaa (maqaa Ingiliffaa Western Somale Liberation Front - WSLF beekkama) akka makamu gaafatan. Jaarran garuu kana fudhachuu dide. Bara 1975 hoggaa mana hidhaatii bahe qabsoon biyyatti galauu akka qabu waan amaneef gara biyyaa seenee qabsoo jalqabe.

Sabboontonni Oromoo Finfinnee jiran, labsii dhaaba Oromoo haarawa hundeessuu, kan Elemoo Qilxuufaa bara 1973 Finfineetti jalqaban xumuruuf gara Finfinnee akka dhufu affeerranii Finfinnee deeme. Haa ta'u malee, sabboontonni Oromoo dhaaba Maarkisisti-Leeninistii Dargii wajjin dhaaburratti waan qabamaniif dhaaba Oromoo hundeessuu kanarratti xiyyeeffachuu waan hindanda'mneef gara biyyaatti deebi'e. Qawwee

muraasaa fi rasaasaa Elemoon faa awwaalan fudhachuun Waraana Bilisummaa uumee qabsoo itti fufe. Goolii Diimaa Dargii namoonni hedduun baqatanis waraana kanatti makaman.

Yeroo muraasa booda waldiddaan sababnii isaa ifa hinta'in waraana Jarraa Abbaa Gadaa fi qabsaawota Finfinneerraa dhufan gidduutti waan ummameef addaan ba'an. Waraanni lamaan addaan ba'us lamaanuu maqaa "Adda Bilisummaa Oromoo" jechuun waammama. Bara 1985, Jaaraa Abbaa Gadaa fi hiriyoonni isaanii waraana kan saanii Adda Islaamummaa Bilisummaa Oromoo (AIBO) jechuun moggaasan.

AIBOn mootummaa ce'umsaa Itoophiyaa kan bara 1991 ijaarame keessatti hirmaatee ture. Bara 1992, mootummaa ce'umsaa keessaa ba'uun gara gaarren Harargeetti deebi'ee qabsoo itti fufe. Bara 2005, maqaa AIBO jedhu gara Adda Bilisummaa Dimookiraatawaa Oromiyaa jedhutti jijjiirani.

Du'uusaa
Jaarraa Abbaa Gadaa biyya Yaman magaalaa sana'aatti dhukkubsatee yaallamaa ture gaafa Bitootessa 4, 2013 du'aan darbe. Reeffi Jaarraa Abbaa Gadaa gaafa Bitootessa 7, 2013 gara biyyaa deebi'e. Gaafa Bitootessa 8, 2013, reefisaa magaalaa Wataritti awwallame. Jaarraan qabsoo Oromoo keessatti gumaacha godheen yoomiyyuu yaaddatamaa jiraata. Artistoonni hedduunis kabaja Jaarraaf sirboota hedduu baasaniiru.

JENERAAL TAADDASAA BIRRUU

Taaddasaa Birruu (1920 - Bitootessa 19, 1975) kooloneelii loltuu waraana Impaayera Itoophiyaa fi sabboonaa fi qabsaawa mirga Oromooti. Taaddasaan jalqabarratti leellisa tokkummaa Itoophiyaa kan ture yoo ta'u yeroo booda garuu, bara 1960n keessa, gara qabsaawaa mirgaa fi walqixxummaa Oromootti jijjiirrame. Kanarraa ka'uun mootummaa fonqolchuuf yaalaa kan ture yoo ta'u boodarrammoo karaa waraanaan mootummaa kuffisuuf yaalaa ture. Qabsoo kana keessatti mootummaa Dargiitin qabamee ajjeefame. Taaddasaan akka abbaa sabboonummaa Oromootti ilaallama.

Seenaasaa
Jireenya Ijoollummaa
Taaddasaan bara Hayilasillaasee keessa Impaayera Itoophiyaa keessatti kutaa bulchinsaa Shawaa keessatti kan argamtu Salaaletti dhalate. Abbaan isaa obbo Birruun waraana xaaliyaanii irratti summii gaaziitin(poison gas) du'an. Haati isaa ammoo gadda kanarraa ka'uun ji'a sadi'i booda du'an. Loltuu Ta'uusaa

Erga warri isaa dhumanii booda, Taaddasaan wasiila isaa Beekaatti kan miseensa Arbanyoochi, riphxee-loltoota Ixaaliyaa lolan, turetti dabalame. Boodarras qabamee hidhaan umurii guutuu fi hojii humnaa itti murtaa'ee Moqaadishoo, Somaaliyaatti hidhame. Amma Biriitish bara 1940 Moqaadishoo qabattee bilisa ba'utti achi ture. Taaddasaanis erga hiikkamee booda leenjii waraanaa Keeniyaa deeme fudhatee bara 1941tti Itoophiyaatti deebi'e. Achii gara sadarkaa liyuutenaantiitti ol guddatee Akkaadaamii Waraanaa Hoolotaatti galmaa'e. Achi keessatti akka barsiisaatti yeroo dheeradhaaf tajaajillaa ture.

Bara 1954tti, Taaddasaan gara liyuutenaant koloneelitti guddatte; waraanarraas gara humna poolisiitti jijjiirramee. Humna poolisii akka ammayyomsuufis dirqamni itti kenname. Dura ta'aa "Faxnoo-Daraash(Rapid Forces)" ta'ee muuddame. Fonqolcha mootummaa bara 1960 fashaleessuu keessattis ga'ee guddaa tabatee amanamummaa Hayilasillaaseef qabu agarsiise. Yeroodhuma dura-ta'aa "Faxnoo-Darash" ture kanatti lammii Afrikaa Kibbaa sirna

Apaartaayidiin qabsaa'aa ture Niilsen Maandeellaa leenjise. Shugguxii Liliesleaf jedhamtu kan Maandeelladhaa kennes isa ture. Taaddasaa Birruu bara 1953tti gara Birgaader Jeneraalitti ol guddate. Yeroo kana inni dura ta'aa "Faxnoo-Daraash", itti aanaa komishinerii Humna Poolisii Biyyaalessa, ajaajaa waraana naannoo fi dura-ta'aa Duula Dubbisuu fi Barreessuu Biyyaalessaa ture.

Waldaa Maccaa fi Tuulamaa Keessatti

Taaddasaa Birruu jalqaba sochii sabboonummaa Oromoo hin balaaleffata ture. Erga muummicha ministeeraa Akliluu Habtawaldi wajjin haasawee booda Taaddasaa ni jijjiirrame. Akka dura-ta'aa Duula Dubbisuu fi Barreessuu Biyyaalessaatti, Taaddasaan Akliluu Habtawaldi wajjin walgayii taa'ee Akililuunis Taaddasaan Oromoo ta'uu isaa waan hin beekneef Oromoo akka baratu gochuuni fii Oromoo loltuutti qacaruun gaarii akka hin taane itti hime. Jechi kun Taaddasaan yaada isaa akka jijjiiruu fi bara 1963tti miseensa Waldaa Wal-Gargaarsa Maccaa fi Tuulamaa akka ta'u godhe. Waldaa kana keessattis sochii baayyee godhe.

Beekkamtummaan Taaddasaa Birruu fudhatamni Waldaa Wal-Gargaarsa Maccaa fi Tuulamaa akka dabalu godhe; dabalataanis dandeettiin geggeessummaan isaa dhaaba kana gara dhaaba mirga Oromootif qabsaawutti jijjiire. Karaa dhaaba kanaas, Taaddasaan, Oromoon akka baratuu fi akka of danda'u barsiisaa ture. Fakkeenyummaa Taaddasaa fudhachuun, dura buutonnii loltuu baayyeen, ummatni siivilii, namoonni baratan, namoonni bizinesii fi geggeessitoonnii amantii waldaa Maccaa fi Tuulamaatti makaman. Namoonni kun baayyen isaanii Oromoo ta'uu isaaniyyuu dhoksanii kan turan yoo ta'u dhaaba kanatti makamuun isaani akka eenyummmaa isaani deebisanii akka labsuutti ilaalan.

Mootummaadhan Mormuu Isaa

Taaddasaa Birruu Waldaa Wal-gargaarsa Maccaa fi Tuulamaatti galuun isaa fudhatama dhaabichaa dabale. Kun immoo Hayilasillaasee fi qondaaltota isaa aarse. Keesumaayyuu muummichi ministeeraa Akliluu Habtawaldi Taaddasaa akka masaanutti ilaaluu jalqabe. Akliluu dhuka'a boombii Finfinneetti ga'ee fi fincila Oromoonnii Baalee kaasan sababa godhatee Waldaa Wal-gargaarsa Maccaa fi Tuulamaa akka cufamu godhe. Miseensonni isaa baayyen qabamanii, baayyeen ajjeefamanii, baayyeen immoo biyyaa ba'an. Taaddasaan kana hunda jalaa bahee garuu hidhaa manaa jala akka turu godhame. Hidhaa manaa kana jalaa waggaa sadi'i booda dhokatee jalaa bade. Kanatti aansee loltoota Oromoo sadarkaa olaanaarra jiran wajjin ta'uun fonqolcha mootummaa yaalan; Hayilasillaases ajjeesuf karoorsan. Fonqolchi sun garuu odoo hin milkaawin hafe. Taaddasaan qabamee , umuriin isaa dulloomaa ta'uyyuu, garmalees reebbamee. Murtiin ajjeechaa itti murtaa'es boodarra gara hidhaa guututti jijjiirrame. Warri isa wajjin fonqolcha irratti hirmaatan baayyeen garuu ni ajjeefaman.

Taaddasaan boodarra hidhaadhaa gadilakkifamee Galamsootti hidhaa manaa jala akka turu godhame. Taaddasaanis yeroo kana geggeessitoota Oromoo bebbeekkamoo kan akka Baaroo Tumsaa, Elemoo Qilxuu (Hasan Ibraahim), Ahimad Hundee Taqii, fi Sheek Bakrii Saphaalloo wajjin wal qunname.

Waxabajjii 1974tti, Itoophiyaan jeequmsa keessa waan seenteef impaayerri Itoophiyaa dadhabe. Taaddasaanis carraa kanatti fayydamuun Galamsoodhaa miliqee gara Finfinneetti deebi'e. Dargiin, waraana angoo mootummaa of harka galfate, Taaddasaan ministeera dhimma keessaa akka ta'uuf gaafate. Taadasaanis kana fudhachuu dide. Erga yeroo lammataatif didee booda, humni poolisii akka too'anna jala akka oolchuf ajajame; Taddasaan kana jalaa miliqee loltuu fincilaa waaraanaaf Shawaa keessatti gurmeessuu jalqabe. Loltuu keessatti hiriyoota isaa kan turan kana akka Koloneel Hayilee Raggaasaa, meejer Abbabaa

Gabramaariyaam fi dhumarratti jeneraal Jaagamaa Keelloo isatti dabalaman. Kabaja gooticha wareeggame Elemoo Qilxuuf jecha maqaa waraanni isaa itti fayyadamaa ture Waraana Bilisummaa Oromoo(WBO) maqaa jedhamu jaltti socho'uu jalqaban.

Du'aasaa
Taaddasaa Birruu finciltoota geggeessaa kan ture yoo ta'u jeneraal Jaagamaa Keellotiin ganamee Hayiluu Raggaasaa wajjin booji'ame. Taaddasaa fi Hayiluuttis hidhaan umurii guutuu itti murteeffame. Boodarra kun Dargiidhan gara ajjeechaatti jijjiirrame. Taaddasaa Birruu, Hayiluu Raggaasaa fi geggeessitoota Oromoo ta'an baayyeen gaafa Bitootessa 18, 1975 ajjeefaman. Waraanni Bilisummaa Oromoo garuu qabsoo isaa kan itti fufe yoo ta'u bara 1976tti qaama Adda Bilisummaa Oromoo ta'e.

Yaadatamuu
Taaddasaa Birruu Oromoota baayyee biratti akka abbaa sabboonummaa Oromoo kan ammayyatti ilaallama. Barsiifni inni waa'ee eenyummaa Oromoo irratti gochaa ture dhaloota Oromoo haaraa kakaasee. Kunis aadaan, afaanii fi eenyummaan Oromoo akkasumas sochiin bilisummaa Oromoo akka finiinu godhe.

Sheek Bakrii Saphaloo

Sheek Bakrii Saphaloo (maqaa dhalootaa: Abubakar Garad Usmaan; Sadaasa 1895 - 5 Ebla 1980) hayyuu Oromoo fi walaleessa (poet) fi barsiisaa amantiiti. Hunda caala kan inni ittiin beekamu qubee Afaan Oromoo ittiin barreeffamu uumuu isaatini.

Jireenya Isaa
Sheek Bakrii Saphaloo ilma Garad Usmaan Odaati; Garad Usmaan Odaa naannoo laga Saphalootii lafa qaba ture. Lafti isaanii kun yeroo Minilik Harar qabatu bulchiinsa sana keessa oole. Abubakar kan dhalate erga Harar Minilikiin booji'amte waggaa 8 booda yoo ta'u erga abbaansaa amantii Islaamaa fudhatee waggaa 16 booda ture. Abubakar obboleeyyan dhiiraa sadi'ii fi obboleeyyan durbaa afur qaba. Garad Usmaan musliima bayeessa fi dandeettii Afaan Oromoo kan qabu yoo ture barnoota garuu hin qabu; kanaaf dubbisuu fi barreessuu hin danda'u. R. J. Hayiwaardi fi Mahaammad Hasan akka tilmaamanitti, ati isaa Kadijjaan Musliima ta'uu akka hin hafne dubbatu. Erga barumsa sadarkaa tokkoffaa fixee booda, Abubakar gara Carcar deemee barsiisaa amantii Islaamaa Sheeh Umar Aliyyii Balballeetti jalatti barate. Itti aansee Harar deemun waggaa baayyeef Sheek Yusuf Adam jalatti barate. Barsiisota amantii Islaamaa kan biroo jalattillee kan barate yoo ta'u seenaa isaanii (biography) kan inni barreessee kanuma isaan kana qofaati.

Sheek Bakrii Saphaloo ilma Garad Usmaan Odaati; Garad Usmaan Odaa naannoo laga Saphalootii lafa qaba ture. Lafti isaanii kun yeroo Minilik Harar qabatu bulchiinsa sana keessa oole. Abubakar kan dhalate erga Harar Minilikiin booji'amte waggaa 8 booda yoo ta'u erga abbaansaa amantii Islaamaa fudhatee waggaa 16 booda ture. Abubakar obboleeyyan dhiiraa sadi'ii fi obboleeyyan durbaa afur qaba. Garad Usmaan musliima bayeessa fi dandeettii Afaan Oromoo kan qabu yoo ture barnoota garuu hin qabu; kanaaf dubbisuu fi barreessuu hin danda'u. R. J. Haywar fi Mahaammad Hasan akka tilmaamanitti, ati Sheek Bakrii Kadijjaan Musliima ta'uu akka hin hafne maqaa ishiirraa ka'uun tilmaamu. Erga barumsa sadarkaa tokkoffaa fixee booda, Abubakar gara Carcar deemee barsiisaa amantii Islaamaa Sheeh Umar Aliyyii Balballeetti jalatti barate. Itti aansee Harar deemun waggaa baayyeef Sheek Yusuf Adam jalatti barate. Barsiisota amantii Islaamaa kan biroo jalattillee kan barate yoo ta'u seenaa isaanii (biography) kan inni barreessee kanuma isaan kana qofaati.

Erga waggaa 20 barnootarratti dabarsee booda, Sheek Bakriin gara Saphalootti debii'e; achittis barsiisuu jalqabe. Amantiidhan bukkeetti, barnoota akka hawaasaa, seenaa, herreega, qorannaa urjii(astronomy), Afaan Arabaa fi barreeffama Afaan Oromootin barreessuu barsiisa ture. Ofii isaas Afaan Oromootin walaloo barreessu jalqabe; Kunimmoo isaaf beekkamtii akka argatuu fi maqaa inni baayyinaan ittiin beekkamu akka argatu godhe. Sheek Bakriin Saphaloo gadi-lakkisee iddowwan adda addaatti barsiisaa ture. Kana keessaa beekkamaan sadi'i Hortuu , naannoo Dirre Dhawaa , magaalaa Dirre Dhawaa mataasaa, fi Addelle, Dirre Dhawaarraa km 25 kan fagaattu fi karaa Hararirratti kana argamtu. Adelleetti mana barumsaa ijaaree ture, manni barumsaa kuni masgiida isaa jedhamee beekkama. Sheek Bakriin bakka deeme hundatti dubartii naannoo sanaa haadha manaa godhee fuudhaa akka ture dubbatama. Kana keessaa haati manaan isaa 11 ni beekkamu. Hadha manaa isaa sadi'irraa ijoollee 18 qaba ture: dhiira 13 fi durba 5. Haadha manaa baayyee haa qabaatu malee, Sheek Bakriin seera fuudhaa Musliimaa eegaa ture, si'a tokkottis haadha manaa lamaa ol hin qabu ture; bara dullumasaa keessa ammoo haadha manaa tokko qofa qaba ture. Yeroo kana barreeffama Afaan Oromoo fi Afaan Arabaa baayyee barreessaa ture.

Sheek Bakriin qubee Afaan Oromoo ittiin barreessan haaraa bara 1956tti iddoo Hagi Qome jedhamutti uume. Sheek Bakriin qubee kana uumuuf gara naannoo dhaloota isaatti deebi'e. Kunis qondaaltonni mootumma Afaan Oromoon qubee kan biraan dhiisii qubee Saabatiinu akka barreeffamuuf gonkuma kan hin barbaadne waan turaniif hojiisaa icitiin hojjachuuf ta'u hin oolu jedhama. Jalqabarratti yoo qubeen Afaan Oromoo kun fudhatama guddaa nannoo Harargeetti argateyyuu, qondaaltonnii mootummaa Itoophiyaa ija sodaatin ilaalun "Oromoo akka of baru godhee tokkummaa biyyattii balaa keessa buusa" jedhan. Kanarraa ka'uun fayyadama qubee kana ukkamsuu jalqaban. Bara 1965tti Sheek Bakrii Saphaallos Dirre Dhawaatti hidhaa manaa jala akka turuu godhan; barsiisuu akka itti fufu garuu eeyyamaniif. Bara 1968tti, torbanitii si'a lama ykn sadi'i Adelle akka dhaqu eeyyamaniif. Yeroo kana Sheek Bakrii Shalda, kan fuula 20 qabu, kan inni barreesse. Shaldaan barreffama qajeelfama amantii qabate kan fakkeeffame yoo ta'u garuu jalqabaa qabee amma dhumaatti waa'ee bitta garbumma Amaaraa fi hacuuccaa Oromoorra ga'e fi rakkina sirna Hayilasillaase jalatti uummata Oromoorra ga'aa jiru kan qabate ture. Wanti biraa Shaldaa adda godhu, barreeffama guddaa jedhamuu keessaa qubee Sheek Bakrii Saphaallotti fayyadamuun kan jalqabaa fi kan dhumaas ture.

Bara 1978tti, erga Hayila Sillaasen aangorraa bu'ee Dargiin angoo qabatee booda, Sheek Bakrii Saphaloo fi haati manaan isaa Goola Diimaa (Red Terror) baqachuun gara Somaaliyaa deeman. Achittis buufata baqattoota Hiraan keessa galan. Sheek Bakriin gara Moqaadishoo akka deemuf eeyyama nan argadha jedhee abdatee ture. Moqaadishoos deemee hojjatee barreffama isaa maxxansuuf hawwii qaba ture. Garuu buufata baqattootaa gadi-lakkisee gara Moqaadishoo deemuf eeyyama hin arganne. Haalii buufaticha keessa jirus isaaf nama umuriin saddeettama keessa jiruuf ulfataa ta'e. Achittis yeroo dheeraa erga dhukkubsatee booda bara 1980tti umurii wagga 85tti du'e.

Hojii Isaa

Sheek Bakriin barreeffama baayyee amantiirratti fi amantiin-ala kan barreesse yoo ta'u, kana keessaa muraasa qofatu meeshaalee maxxansaan qophaa'ee; barreffamni baayyeen harkaan kan barreeffame ture. Barreeffamoonni kun barattoota isaa adda addaa biratti faffaca'anii turan. Hayiwaardi fi Hasan barreeffama inni barreessee kessaa saddeet kan inni Afaan Arabaan barreesse tarreessu, barreeffamoonni kun Moqaadishootti argamuu akka danda'anis heeraniiru: Dirdsa fi al-mantiqa 1-Hararyya jughrafiyyan wa bashariyyan, barreeffama qorannaa hawaasaa (geography) fi dimoograafii naannoo Harari fi kan fuula 200 qabu; barreeffama seenaa lama Janaza shamarikh min hadayiz al-tawarikh kan fuula 95 qabu, and Kitab irsal al-sawarikh ila sama' al-tawarikh, kitaaba seenaa Oromoo kan fuula 56

qabu; barreeffama amantii sadi'i Al-mawahib al-madadiyyah fi l-'awf al-'adadiyya , Muqaddamat taysir al-zari'a (fuula 48 qaba), fi Taysir al-zari'a ila fuquhiyy fi ahkam al-shari'a ; fi seenaa barsiiftota isaa (biography) lama kan armaan olitti ibsame.

Mahaammad Hasan yeroo kitaaba The Oromo of Ethiopia, a History: 1570-1860 barreessu barreeffama Sheek Bakrii Kitab irsal al-sawarikh ila sama' al-tawarikh itti baayyee fayyadame. Barreeffama Sheek Bakrii kanas akkas jedhee ibse "seenaa Oromoo jalqabaa hanga ammaa irratti ibsa guddaa qaba. Seenaa Oromoo kan jalqabaarratti hanqina haa qabaatu malee sirna gadaarratti odeeffannoo gaarii qaba". Mahaammad wa'ee sirna Gadaa yeroo barreessu barreeffama Sheek Bakrii kanarratti hunda'e.

Yaaddannoo Isaa
Akkuma olitti ibsametti Sheek Bakriin walaleessaa Oromoo beekkamaa dha. Akka Hayiwaardi fi Hasan jedhanitti, "Sheek Bakriin sammuu Oromootaa kana dadammaqsee fi karaa walaloo isaa kan inni Afan isaanitiin barreessen akkasumas ummanni akka qalbiitti qabatee yaadatuuf gaggabaabaa kan tureen jaalaala Oromoo argate.

Hojiin Sheek Bakri Saphaloo inni guddaan qubee Afaan Oromoo ta'u uumuu isaati. Afaan Oromoo sirna barreeffamaa adda addaa lamaan barreeffama kana ture yoo ta'u, Sheek Bakriin lamaan isaani ni beeka ture; innis Afaan Arabaa fi Afaan Gi'izii. Sirni barreeffamaa afaan lamaanu kana Afaan Oromoo barreessuf mijatu hin turre. Kana keessaa tokko Afaan Oromoo dubbachiiftuu 10 kan qabu yoo ta'u Amaariffi garuu dubbachiiftu torba qofa qabaachuu isaati. Sheek Bakriin qorannaa afaanii (linguistics) kan baranne ykn beekkumsa sagaleewwan afaanii (phoneme) kan hin qabne yoo ta'u sirnni barreeffamaa inni uume garuu irraa caalansaa sagalee afaanii(phoneme) irratti hundaa'a. Kana jechuun sagaleewwan Afaan Oromoo tokko tokkon isaanitiif qubee tokko uume. Hayiwaardi fi Hasan itti aansun sirni barreeffamaa inni uume kun silabasii fi alfaabeetii kan walitti qabate ture jechuun dubbatu. Sirni barreeffamaa Sheek Bakrii kun akka Afaan Arabaa walitti hdihamaa kan hin turre yoo ta'u, kunimmoo Afaan Arabaarraa caalaa Gi'iizitti kan hidhate kan fakkeessu yoo ta'u, karaa biraa ammoo qubee sagalee hin qabne kan barreeffama keessatti itti hin fayyadamane qaba; kun immoo Gi'iizii keessa kan hin jirre. Walumaagalatti sirni barreeffamaa Sheek Bakrii afaan lamaanittu hidhata kan hin qabnee fi kalaqa mataa isaati.

Huseen Bunee

Huseen Bunee (1998-2004 ALH) qabsaawaa Fincila Baalee keessatti Jeneraal Waaqoo Guutuu wajjin ta'uun lolaa turani. Huseen jecha nafxanyaa qawween hin ajjeftu jedhu kan yeroo sana diinni ittiin ummata Oromoo sodaachisuuf fayyadamu nafxanyoota hedduu ajjeesun soba ta'u ummatatti agarsiisan.

Seenaa Duubaa
Huseen Bunee Godina Baalee aanaa Sawweenaa bakka Goonii Gafarsaatti jedhamutti abbaasaa Daraaraa Godaanaa fi armeesaa Hawwaa Badhaasorraa bara 1898 (ALH) ykn 1904/1905 ALA dhalate. Abbaansaa erga dua'anii booda Huseen Bunee qe'ee abaasaa too'achuuni fi obboleeyyansaa guddisuun dirqamasaa waan tureef kanuma fudhatee socho'aa ture. Yeroo sana manni barumsaa waan hinjirreef, Huseen mana amantii Islaamaa seenee amantii baratee barsiisaa ture. Erga guddatee haadha manaa fuudhee booda, ciminaa fi siyaa'inasaa kan argan bulchiinsa Mootummaa Hayila Sillaasee keessatti Burqaa godhanii muudan. Adeemsa keessan ciminasaarraa ka'uun gara bakka bu'aa baalabbaataatti ol guddisan. Adeemsa hojii kana keessattis hacuuccaa sirni Nafxanyaa ilamaan Oromoorran ga'u argee aaruu jalqabe.

Walga'ii baalabbaatota Oromo ta'an 18 irratti, Huseen Oromoon sirna nafxanyaa qabsaawu akka qabuu innis kanumaaf qophaawuusaa itti himee isaanif akka isa faana hiriiran gafate. Isaan garu humna maalitiin Hayila Sillaasee lolta, kuni gonkumaa hin ta'u jedhanii didan. Innis akkamitti akkan qabsaawuu Nafxanyaa akka falmu sinittan agarsiisa jedheen.

Itti aansun Huseen Bunee horiisaa keessaa sangoota sagal gurguree qawwee sadi'i bitate qabsoof qophaawe. Obbolootasaa fi namoota biraa muraasa fudhatee bara 1962 ALH qabsoo eegale. Huseen Bunee Gaara Goonirratti qubachuudhan qabsoo finiinse. Namoonni gabrummaan itti hammaate hedduun dhaqanii miseensa waraana Huseen Buneetti makamuu eegalan. Gaara Goonii kan amma Gaara Huseen Bunee jedhamee moggaafame karaan ittiin koran tokko qofa, loltoonni Huseen Bunees gaara kana erga koranii booda loltuun Hayila Sillaasee akka hin seennef hulaa cufani. Yeroo loltuun Hayila Sillaasee dhufes dhagaa gaararraa itti gadi kaachisuun ajjeesu. Gaara kanarra bineensonni adda addaa waan jiraniif yeroo beela'an gadamsa ajjeesanii nyaatu turan.

Gargaarsa Sumaalen Gootef
Mootummaan Somaaliyaa cunqurfamtootaf gargaarsa akka kennu kan dhaga'e Huseen Bunee namoota saddeet filee gara Somaaliyaatti erge. Mootummaan Somaaliyaas gaaffii kana fudhachuudhan qawwee 8, dhoobir 7 fi toomsanii 1 kenneefi. Meeshaa kanatti fayyadamuun qabsoo itti fufan. Bara 1963 gara Somaaliyaa deemee bakka Elbaardii jedhamu dhaqee isaan wajjin marii godhe. Mootummaan Somaaliyaas qawwee, dhuka'aa fi rasaasa kenneefi geggeesse. Huseenis kana gaalatti fe'udhaan gara Baaletti deebi'e. Ummanni naannoo sanaas kanarraa ka'uun haamileensaa dabale. Baalabbaatonni duraan Huseen bunee didani amma harka lafa jalaatin gargaaruu eegalan.

Bqattoonni Oromoo Huseen Mahaammad Suuraa gara Ijiiptitti ergan. Innis achi deemee gargaarsa maallaqaa fi meeshaa waraanaa akka gaafatuf ture. Mootummaan Ijiiptis kana fudhatee gargaarsa maallaqaa fi meeshaa waraanaa kenneefi geggeesse. Kana kan dhaga'e mootummaan Somaaliyaa aarudhaan akkamitti haayyama keenya malee siyaasa keessan biyya alaa baatan jedhe. Meeshaa waraanaa gargaarsan dhufe kan Barbaraa fi Basasoo gidduutti bu'ee ture loltootasaa itti ergee qabsiise. Namoota meeshaa waraanaa kana fe'uuf dhufan 36s qabee mana hidhaa Looyi Haaddee jedhamutti waggaa 5f hidhe.

Baqattoonni Oromoo Somaaliyaa keessa turan nuti Sumaalee Abboo odoo hin taane nuti Oromoodha, yoo nu gargaartan maqaa kanaan nu gargaaraa jedhanii ibsa baasan. Huseen Bunee mootummaa Somaaliyaa wajjiin haasaa godhee kanuma waan ifa godheef mootummaa Somaaliyaatin hidhame. Mootummaan Somaaliyaa maqaa Sumaalee Abbotiin yoo qabsoofte gargarsaa siif goona, umurii kee guutuu miindaa siif kaffalla jedhanii amansiisuf yaalanirree Huseen Bunee ni dide. Waggaa sadi'ii fi ji'a booda Huseen Bunee mana hidhaatii gadi lakkifamee baqattoota achi jiranitti makame. Mootummaan Somaaliyaa gaafa gadi lakkisu qarshii shilingii kuma soddoma kenneefi.

Elemoo Qilxuu

Hasan Ibraahim, maqaa qabsoo Elemoo Qilxuu jedhamuun uummata biratti beekkama, hirmaataa warraaqsa sabboonummaa Oromoo fi hoogganaa Waraana Bilisummaa Oromoo ti.

Jireenya Isaa
Jireenya Ijoollummaa
Seenaan ijoollummaa Elemmoo Qilxuu baayyee hin beekkamu. Garuu bara 1956 Elemoon barnoota Islaamaa baratee magaalaa Dirre Dhawaa keessatti daldalaa Arabaa sooressa

tokkoof hojjachaa ture. Daldalaan kunis Elemoo fudhatee gara Eden, Yaman bara 1956tti deeme. Eden akkuma ga'een maqaa isaa gara Elemoo Qilxuutti jijjiirrate. Boodarraa dubartii Oromoo achi jiraattu tookos fuudhe, bizinesii jalqabe. Bizinesiin achitti jalqabe kunis baayyee milkaa'eef.

Siyaasa Keessa Seenuu Isaa

Elemoon waa'ee siyaasa nama dhimma qabu hin turre; garuu bara 1966tti manni isaa bakka itti sabboontonni Oromoo wal gahan ta'e. Kunimmoo qoonsilaa mootummaa Itoophiyaa yaaddessaa deeme. Elemoonis diinota mootummaa Itoophiyaa qarshiin gargaara jedhamee shakkame. Bara 1967, namni Hararii (Harari businessman) mootummaa Itophiyaatif hojjatu tokko, Eden dhaqee Elemoorraa mi'a liqeeffate. Elemoodhanis yeroo Finfinnee dhufteen sii deebisa jedheen. Akkuma Finfinnee ga'een, Elemoon qabamee gocha shororkeessummaa mootummaa Itoophiyaarratti geggeessun himatame. Mana hidhaa kessattis qorannoo hamaa, reebicha fi miidhaa sammuu (psychological torture) guddaatu isarra ga'e. Kunimmoo Elemoon irra caala akka inni siyaasa keessa seenu godhe. Hiriyoonni Elemoo qarshii walitti qabanii erga malaamaltummaan dura ta'aa nageenyaa namicha tureef qarshii kennanii booda gadi lakkifame. Yeroon Eleomoon mana hidhaa keessatti dabarse akka inni sabboonaa kutataa ta'u isa godhe. Erga mana hidhaatii baayee booda sochii sabboonumma Oromoo kan akka Waldaa Maccaa fi Tuulamaa keessatti hirmaachu jalqabe. Bara 1968, Elemoon dhoksaadhan gara Moqaadishoo deemee walga'ii sabboonummaa Oromoo irratti hirmaate. Achittis hojiin sabboonummaa Oromoo uummata biyya Arabaatti baballisun isatti kenname. Gara Edenittis deebi'ee dhaabbata hawaasa Oromoo hundeesse. Bulchiinsa magaalaa Edenis amansiisee akka isaan biiroo siyaasaa banuuf isaa eeyyaman godhe. Gargaarsa mootummoota Arabaa fi akkasumaas Dhaabbata Bilisummaa Paalestiin fi Adda Bilisummaa Eertiraa irraa gaafate. Gargaarsa mootummaa Iraaqitiin, leenjii waraanaa ji'a torbaa erga kennee booda addaa riphee lolaa hundeessee. Adda kanas hooggansa hiriyaa isaa Abdulkarim Hajii Ibraahim, irra caala maqaa Jarraa Abbaagaddaa jedhamuun beekkama, bobbaase. Addi kun odoo gara Itoophiyaa seenuf yaaluu mootummaa Somaaliyaatin rukutamee, booji'amee gara mana hidhaa galfame. Kunis ta'u, Elemoon odoo abdii hin kutatin meeshaa waraanaa, gargaarsa Adda Bilisummaa Eertiraatin, dhoksaadhaan karaa gammoojjii Affaar keessan gara Itoophiyaatti glachuu fi kuusuu jalqabe. Bara 1973tti, Elemoon walga'ii sochii qabsoo Oromoo Finfinneetti akka hirmaatu waammame. Walga'iin kunis ummamuu Adda Bilisummaa Oromoo kan xumurame yoo ta'u Elemoonis qabsoo waraana akka jalqabuuf dirqamni itti kenname.

Waraana Bilisummaa Oromoo

Walga'ii kana booda, hiriyaa isaa Hundee Taqii wajjin, qabsoo waraanaa jalqabuuf gara Galamsoo deeman. Achittis jeneraal Taaddasaa Birruu, kan hidhaa manaa kessa ture, waajin wal argan. Elemoon dhoksaadhan humna waraana ijaaruu jalqabe. Abaan Hundee humna waraanaa riphee lolaa kana bakka iddoo Gubbaa Qorichaa jedhama Tulluu Carcar irratti akka buufatu gorsan. Caamsaa 1974, Elemoon nama digdama fudhatee Gubbaa Qorichaa irratti kaampii dhaabe. Achiihis eegdota namicha Mulaatuu Tagany jedhamuu, abbaa lafaa ummata naannoo sanaa baayyee hacuucaa ture, ajjeesuu jalqaban. Boodarras erga Mulaatun barsiisaan amantii Islaamaa Galamsoo kessatti akka ajjeeffamu ajajee booda Mulaatuu ajjeesan.Ajjeechaan Mulaatu nannoo sana naasise. Bulchaan naannoo sanaas loltuu isaa ergee akka balleessan ajajus garuu loltuun isaa milkaa'uu hin dandeenye. Hidhattoonni naannoo riphxe loltoota Elemoo Qilxuu dhaabu waan dadhabaniif mootummaan Itoophiyaa jeneraal Geetaachoo Shibashii humna waraanaa guddaa wajjin gara Galamsootti erge. Humni waraanaa Elemoo waraanaa dheera waan hin geggeessineef, humni Geetaachoo hedduu rakkate. Dhumarratti humni Geetaachoo naannoo Xirrootti humna Waraana Bilisummaa Oromoo itti marsan waraana geggeeffameen nama baayyee keessaa ajjeesan. Elemoonis erga harka kennatee booda gaafa loltuun isa qabuuf dhufan

dhuka'aa dhoose of ajjeese.

Yaadatamuu
Elemoo Qilxuun uummata Oromoo biratti nama waa'ee Oromootiif jedhee wareeggame jedhameeti beekkama. Yaaddannoo isaatifis walaloo hedduun kan barreeffame yoo ta'u kana keessaa kan Sheek Bakrii Saphaalloo kaasun ni danda'ama. Akkasumas sirbi baayyen sabboontota Oromootin isaaf sirbameera.

Hayilee Fidaa

Doktor Hayilee Fidaa (1939?-1979) nama siyaasaa yoo ta'u hogganaa Warraaqsa Sooshaalistii Guutuu-Itoophiyaa (irra caala maqaa Amaariffaa "ME'ISOON" jedhamuun beekkama) ture. Gumaachasaa keessa inni guddaan Dargii bakka bu'uun Sagantaa Warraaqsa Dimokiraatawaa Biyyooleessa baasuu isaatini. Kana malees, Dr Hayileen qorannoo adda addaa qubee Afaan Oromoorratii fi caasluga Afaan Oromoorratti godheen beekkama.

Seenaa Duubaa
Hayilee Fidaa Wallagga keessa magaalaa Arjootti dhalatee Naqamtetti guddate. Hayileen barnoota sadarkaa tokkoffaa Mana Barumsaa Arjootti yoo baratu sadarkaa giddu galeessa (kutaa 5-8) ammoo Naqamtetti mana barumsaa yeroo sana Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Hayila Sillaasee I jedhamutti barate. Barnootasaa ittuma fufuun, sadarkaa lammaffaa Finfinneettii Mana Barumsa Jeneraal Wiingeetitti barate qaphxii olaanadhaan xumure. Kana booda barsiisaa ta'ee qacaramuun Dadaritti waggaa tokko barsiisaa ture.

Bara 1961tti, Hayileen Yuunivarsiitii Finfinnee galee barnoota ji'ooloojii baratee qaphxii guddaadhan eebbifame. Dr Hayileen barata cimaa ture; barnoota sadarkaa lammaffaa A kudhanii fi B lamaan xumure. Yuunivarsiititti ammoo qaphxii 4.0 fiduudhan barata kabajaa ta'ee (great distinction) eebbifame. Erga eebbifamee booda, achuma Yuunivarsiitii Finfinneetti, Dippartimentii Ji'ooloojitti Gargaaraa Eebbifamaa ta'ee akka barsiisaatti qacarame. Yuunivarsiitii Finfinnee keessatti erga waggaa tokko barsiisee booda barumsa digirii lammaffaa itti fufuuf gara Firaansi deeme.

Dr Hayileen Firaansitti jalqaba barumsa Ji'oofiiziksii, itti aansee waggaa lamaaf ammoo Sosooloojii baratee eebbifame. Hayileen sochii Tokkummaa Barattoota Itoophiyaa kan Yuurooppi keessatti godhurraan kan ka'ee fi mootummaa Hayilasillaasee waan balaaleffatuuf, paaspootii fi iskoolaasrhiippinsaa jalaa haqame. Sababa kanaaf biyyatti deebi'uu waan hin dandeenyeef, wagga lamaaf mana barumsaa Firaansi tokkotti qacaramee barsiisaa ture. Ittii aansee, paaspoortii dhoksaadhan imbaasin Itoophiyaa kan Jarmanii keenneefin gara Jarmanii deemee, Yuunivarsiitii Hambargitti waggaa lamaaf barsiise. Amajjii 1975 erga Warraaqsi dhoo'ee booda gara Itoophiyaatti deebi'e.

Sochii Siyaasaa
Yeroo Firaansi turetti, Hayileen Maarkisizimii Sooviyeetii fudhatee ture; Rene LaFort akka jedhetti Hayileen miseensa Paartii Kominstii Firaansi ture. Waamicha Dargiin Itoophiyaanonni baratan gara biyya isaanitti deebi'anii akka tajaajilan godhe fudhachuun, Hayileen bara 1975 keessa gara biyyaatti achas deebi'e. Nagadee Goobazee, kan achuma Firaansitti barachaa ture wajjin naannoo Yuunivarsiitii Finfinneetti "mana kitaabaa tarkaanfataa" bane; kunis kitaabota Maarkisizim-Leeninizimii lammii biyyaattiitif dhiyeessuf ture. Manni kitaabaa dulloomaa fi dadhabaa ture kun barattootaan guuttame, kitaabonni haaraa dhufan battalumatti gurguramanii dhumu ture.

Oduma baayyee hin turin Hayileen Dargiin biratti qofa odoo hin taane hogganaa Dargii Mangistuu Hayilamaariyam biratti beekkame, Dargiin yeroo sana deeggartoota siivilii fi gorsaa Maarkisizim-Leeninizimii barbaada ture. Muddee 1975, barreessan Dargii kutaa Biiroo Dhimma Ijaarsa Uummataa kan Yeroo (kan Ingiliffaan POMOA jedhamu) dhaabe, Hayilee Fidaas hogganaa godhe. Kaayyon POMOA Dargiin deeggarsa ummata biratti akka argatu gochuu qofa odoo hin taane siviloota bitaa warra kaan dhqqabuu ture. Hogganaa kutaa kanaa ta'ee odoo jiruuti kan Dr Hayileen Sagantaa Warraaqsa Dimokiraatawaa Biyyoolessaa kan qopheesse, dookimentin kunis dhaadhannoo Itiopiya Tikdem (Itoophiyaan haa dursitu) jedhu kan Dargiin akka kallattiitti itti fayyadamaa ture garuu kan ifa hin turin bakka bu'e. Tokkummaa warraaqsa hojjattootaa, qonnaan-bulaa fi burjaa xixiqqaa tarkaanfataatin, fiiwudaalizimii, impeeriyaalizimii fi kaappitaalizimiin barbadaa'anii dhumarratti Rippabiliika Dimokiraatawaa Ummataa Itoophiyaa uummame. Mangistuun Warraaqsa Dimokiraatawaa Biyyoolessaa fudhatamee hojiirra hooluusaa hiriira Ebla 20, 1976 irratti beeksise.

Haa ta'u malee, POMOAn mormitoota siivilii wajjin walqunnamtii uumuu dadhabe. Namoota Duula irratti hirmaatan kan hojii baadiyyaatti irratti ramadaman dhiisanii gara magaalaatti deebi'anii wajjin mormitoonni Dhaabaa Warraaqsaa Ummattoota Itophiyaa (kan Ingiliffaan EPRP jedhamu) deeggaran; kunis lakkoofsa miseensotasa fi dhiibbaa inni uumu dabale. MEISON Dargii yoo deeggaru, EPRPn Dargiin sochii uummataa humna waraanatin akka ukkaamse dubbachuun balaaleffate. Karaan sooshaalistii inni qajeelton mootummaa uummataa kan dhugaa hundeessuf qabsaawuu itti fufuu malee Dargii isa nama hacuucu akka hin fudhanne ifoomsan.

Shoora Dargiin Warraaqsa Itoophiyaa too'achuu keessatti tabachuu qabu irratti garaagarummaa hadhaawaa qabaataniyyuu, MEISON fi EPRP "sagantaa walfakkaatu baasan". Akka Ottaways, kan mormii kana ijaan arge jedhutti, "Itoophiyaanonni hedduun, warrumti baratanillee hubachuu hin dandeenye".

Ottaways akka jedhanitti:

Beektonni Itoophiyaa hunduu Maarkisizim-Leeninizimii keessa of galchuuf dirqaman. Barreessitoonni kun pirofeesaroota yuunivarsiitii kan mormii siyaasaa kanaan baayyee jaanja'anii fi hubachuuf jecha kitaabota duriii hedduu dubbisani arganiiru. Barattoonni yuunivarsiitii waggaa sadaffaa fi afraffaa barruu Addis Zamanirra jiranii fi paamfiletii dhoksaan maxxanfaman hiikanii nuu kennan garuu mormiin dhaabota siyaasaa adda addaa gidduu jiru maal akka ta'e hubachuu akka hin dandeenye dubbatu. Hoggantoonni hojii hiikaa Ejensii Oduu Itoophiyaa keessatti hojjatan hiikaa dhaamsota mootummaa kan tiyoorin guuttaman kan Biiroo Siyaasaarraa dhufan akka hin hubanne dubbatu.
Haala kana keessatti, Hayilee Fidaa walitti hidhata Dargii wajjin qabu cimse. Hagayya 1975, Hayileen Sisaay Haptee kan Koree Dhimma Siyaasaa Dargii ture wajjiin rakkoo Eertiraa keessa jirurratti biyyoota Arabaa ja'a wajjin mari'achuuf bobba'e.

Jechaan kan wal moo'uu dadhaban mormitoonni kun gara tarkaanfii humnaatti ce'an. Namni jalqaba tarkaanfin irratti fudhatame Tiyoodor Baqqalaa yoo ta'u gaafa Gurraandhala 25 1977 ajjeefame. Tiyoodor Baqqalaa miseensa MEISON fi hogganaa Tokkummaa Hojjattoota Guutuu-Itoophiyaa ture. Kun jalqaba Goolii Diimaa ture, yeroo kanas namoonni dhibbatamatti lakkaawwaman yoo du'an moo'amuu EPRPtin xumurame. Namoonni goolii kana jalaa ba'an Finfinneedhaa gara Tulluu Asiimbatti baqatan.

EPRP baqatuyyuu, haalli jiru Hayilee Fidaafis ta'ee MEISONf hin fooyyofne. Adoolessa 10 1976, fonqolchi Mangistuu aangorraa buusuf godhame fashale, Sisaay Haptee guyyaa sadi'i booda gargaartotasaa 17 wajjin ajjeefame. Kana booda dhuma bara 1976 keessa, mormiin

Mangistuu fi MEISON gidduutti uummame. Kana booda Mangistuun miseensota MEISON kan mootummaa keessa jiran aangoorraa kaasuu jalqabe. Filannoo ministerotaa Bitootessa 11 1977 godhamerratti MEISON aangoo tokkoyyuu odoo hin argatin waan hafeef haalli jiru ittuu hammaate. Waxabajjii 14 hoggansi POMOA MEISONirraa fudhatame. Hayilee Fidaa fi miseensonni MEISON tarkaanfin itti aanu hamaa akka ta'u waan baraniif dafanii tarkaanfii fudhatan: Hagayya 19 hoggantoonni MEISON 19 fi kaadiroonni 500 ta'an ifatti socho'uu dhiisanii lafa jala socho'uutti geeddaran; Finfinneedhaa baqatanii gara baadiyyaatti baqatan. Mangistuun haasaa guyyaa shan booda godherratti MEISON balaleffate. Hagayya 26 Hayilee Fidaa fi hoggantoonni MEISON kaan naannoo Finfinneetti qabamanii Gibbii durii kan biiroon Dargii keessa jiru keessatti hidhaman. Hoggantoonni MEISON baayyen dhukaasa humnoota Dargii fi isaan gidduutti godhameen du'an. Nagadee Goobazee qofatu gara Yamanitti baqatee lubbuun hafe.

Hayilee Fidaa mana hidhaa keessatti yeroo dheeraaf hanga dhumarratti ajjeefamutti haala hamaa keessa jiraachaa ture. Haalii ajjeechaasaa ifa miti, garuu Andaargachoo Xurunash Hayileen erga hidhamee waggaa lama booda, bara 1979tti ajjeefame jedhe.

Hayileen dura ta'aa Tokkummaa Barattoota Itoophiyaa kan Yuurooppi ture.

Qorannoo Afaan Oromoo
Dr Hayileen qubee Afaan Oroomoo uumuu keessatti ga'ee guddaa qaba. Yeroo Yuurooppi jiru, Hayileen miseensa garee barattoota Oromoo kan qorannoorratti xiyyeeffatu fi kan Garee Qorannoo Barattoota Oromoo jedhamuu ture. Gareen qorannoo kun barattoota Oromoo biyyoota akka Firaansi, Jarmanii, Iswiidin, Tokkummaa Sooviyet, Hangaarii fi Yugoslaaviyaa keessa jiraatan hammata. Gareen kun Afaan Oromoo afaan barreeffamaa akka ta'uf qorannoo bal'aa godhe. Haaluma kanaan, gareen kun bara 1972 barruu qorannoosaa kana kan Languages in Ethiopia: Latin or Geez for Writing Afan Oromo, Tatek, 1972 maxxanse. Barruun kunis Afaan Oromoo qubee Laatiniitin barreessun filatamaa akka ta'ee seera ittiin Afaan Oromoo Laatiniidhan barreeffamu bu'uura kan kaa'e ture. Qorannoo kanarratti Dr Hayileen gumaacha guddaa qaba.

Dr Hayileen, itti fuufdhan qubee Afaan Oromoo haara kanatti fayyadamuun kitaabota lama walitti aansuun maxxanse. Kitaabni inni jalqabaa Hirmaata Dubbi Afaan Oromoo kan jedhamu yoo ta'u qorannoo caasluga Afaan Oromooti. Kitaabni kun kan maxxanfame bara 1973, magaalaa Paarisitti. Kitaabni inni lammataa ammoo Barra Birraan Barihe jedhama.

Barruulee Maxxanse
Languages in Ethiopia: Latin or Geez for Writing Afan Oromo, Tatek, 1972
Hirmaata Dubbi Afaan Oromoo. Paris, 1973
Barra Birraan Barihe. Paris

Guutamaa Hawaas

Guutamaa Hawaas (1945-1994) qabsaawaa mirga Oromoo fi hoogganaa Waraana Bilisummaa Oromoo ture. Guutamaan waraana qabsoo bilisummaaf ABO fi ADWUI gidduutti geggeeffamerratti waan diinan marfameef, ofumaan of ajjeese.

Seenaa Duubaa
Guutamaa Hawaas magaan dhalootasaa Jamaal Roobaleeti. Guutamaan bara 1945 keessa abbaasaa Roobalee Daadhii fi haadhasaa Gaashoo Tofoorraa Oromiyaa kibba-bahaa Arsii keessatti, aanaa Gololchaa, ganda Haaroo jedhamutti dhalate. Umuriin isaa barnootaaf akka ga'eenis mana barnootaa Gololchaa seenuun kutaa 1ffaa hanga 4ffaa kan barate yoo ta'u,

kutaa 5ffaa hanga 12ffaatti ammoo gara Finfinnee dhaquun mana barumsaa Addis Katamaa jedhamutti baratee xumure. Akk barnootasaa xumureenis waaijira Boordii Bunaa jedhamu keessaan hojii jalgabe. Waajjira kanas damee Finfinnee fi Diillaatti aragmu keessatti yeroo muraasaaf ramadamee hojjate. Wajjirra kana keessatti bulchaa aanota garaa garaa, keessattuu bara 1975-1977tti naannoo Arba Guuguutti ramadamuun bulchaa aanaa Gololchaa ta'ee hojjateera. Itti aansee bara 1978-1979tti konyaa Arbaa Guuguutti itti gaafatamaa dhimma ummataa ta'ee hoijate. Haa ta'uyyuu malee mootummaan Dargii sochii qabsoo bilisummaa Oromoo waliin hidhatan qaba jechuun ba'uu fi galuusaa waan hordofuu jalqabeef, waajira kana gad lakkisuun gara hojii isaa jalgabaatti deebi'ee hojjechuu jalgabe.

Qabsoosaa

Guutamaan yeroo naannoo kana keessa hojii mootummaa kana hojjataa turetti miseensa ABO waan tureef, achuma keessa hojii ABO lafa jalaan hojjataa ture. Kunis, maadhee dhaabaa lafa jalan ijaaruu fi miseensonni dhaabaa karaa saniin gaaratti bahan dabarsuu irratti hojjataa ture. Hojii qabsoo inni lafa jalaan hoijataa fi hojjachiisaa ture waan diinaan jalaa saaxmeef, Guutamaan gara bosonaa seenuu fi guutummaan hojii qabsoorratti hirmaachuun dirqama itti ta'e. Akka kanaan bara 1979 keessa naannoma Arbaa-guuguu, Gololcha kanatti bosona seene. Qabsoon hidhannoo yoosuma sanuu naannoo sanatti eegalamee waan jiruuf, Guutamaan Waraana Bilisummaa Oromoo kan naannoo sanatti ramadamee jirutti makame.

Guutamaan yeroo sanaa kaasee hanga gaafa wareegameetti itti gaafatama dhaabaa kan gara garaarra ture. Kunis bara 1979-1984tti miseensa koree Godina Kibba-Bahaa ture. Yeroo sanatti Godina Kibba-Bahaa kan jedhamu: aalee Diida aa, Baalee fi kutaa Harargee keessaa ammoo aanaa Daaroo-Labuu kan of keessaa qabu ture. Yeroo kana koree keessatti itti gaafatamni isaa dhimma hojii hawaasummaa ture. Bara 1983 jila miseensota ABO Godinoota Bahaarraa yaamamee fi hogganoota ABO kan wareegaman bakka buusuuf kutaa Harargee, Laga Raammis, bakka Raaree Aadam Boruu jedhamutti taa'erratti miseensa koree maatii fi jaallan isaa irraa jidduu ABO ta'ee filame.

Bara 1984 keessa walga'ii koree gidduu-galeessaa 2ffaa kutaa Harargee, Aanaa Daaroo Labuu, bakka Sakattee Billiqaa jedhamutti taa'erratti gaafa waajjirri siyaasaa ABO jalgabaaf ijaaramutti miseensa Waajiira Siyaasaa ta'ee filame. Achumaan hoogganaa Damee Hawaasummaa ABO ta'uun ramadame. Bara 1989 yeroo Korri ABO 2ffaan kutaa Harargee, naanoo Laga Gobelleetti godhamuuf qophiirra jirutti, miseensa Koree Qindeessituu Kora Sabaa ABO ta'ee qindeessaa Itti-aanaa fi diinagdee koree kanaa fudhachuun ramadamee hojjate. Korarratti ammoo, yeroo lammaaffaaf miseensa Koree Jidduu fi Waajjira Siyaasaa ta'ee filame. Achumaan mataa Damee Diinagdee ABO ta'uun ramadame. Bara 1991, yeroo mootummaa ce'umsaa keessa ABOn seene, hirmaata hojii kan hoogganni dhaabaa yeroo san hojii mootummaa fi dhaabaa walitti qindeeffatuuf godhaterratti miseensa mana marii fi itti-gaafatamaa Zoonii Kibbaa ta'ee ramadame. Bara 1992 yeroo mootummaa Ce'umsaa keessaa ABOn ba'etti itti gaafatamummaa kanaan dirree qabsoo Zoonii Kibba Bahaa, kutaa Baalee, naannoo Gadabii fi Dalloo Bunaatti deebi'ee maroo lammaffaaf gaara seene.

Yeroo sanatti waraanni Wayyaanee fi Shaabiyaa humna isaani walitti qindeeffachuun waraana Aadda Bilisummaa Oromoo dhabamsiisuuf lolaa guddaa yeroo isaan itti banan ture. Ebla 12 bara 1994ttis kutaadhuma kana aanaa Dalloo Mannaa, naannoo Laga Dayyuu, bishaan Haxiballaa jedhamurratti Waraanni Wayyaanee fi Shaabiyaa kun lola guddaa WBOrratti bananiin, lola hadhawaa guyyaa sad'iif geggeeffamerratti akka gootaatti lolee lolchiisaa erga tureen booda Ebla 14 naannoo Barraaq bakka Dhukkee jedhamutti lola geggeeffameerratti diinaan marfamee harka diinatti hinkennu jechuun boombii ofitti dhoosanii jaallewwansaa afur yeroo sana isa waliin turan waliin wareegame.

Guutamaa Hawaas qabsoof bosona kan seene naannodhuma itti dhalate waan ta'eef bara 1979-85tti sababaa fi maqaa isaatin maatii inni irraa dhalate dabalate ummanni Oromoo kan naannoo sanii fi hiriyyoonnisaa osoo hinhafin Dargiin ajjeefamanii lafarraa duguugamaa turan. Obboleessasaa Muhaammad Roobalee bara 1980 keessa magalaa Abboomsa keessatti ajjeefame, akkasuma Obbolecttiisaa Lukku Roobalee Bara 1982 ji'a Ramadaanaa keessa bakka Dande jedhamutti bakka looniin godaantetti ganama manaa qabanii kaampi waraanaa Haroo Kambeelaa jedhamutti guyyaa guutuu qaamaa fi qalbi dararaa erga oolanii booda naannoo manaatti deebisuun rasaasaan tumanii biraa deeman. Namoonni ga'eeyyiin, maanguddoonni dhiiraa fi dubartii, dargaggoonni fi shamaran bakka tokko walitti qabamanii rasaasaan ajjeefamaan, mana keessatti ibiddaan gubamanii fi bakkoota gara garaatti ajjeefaman awwaalallee dhabuun bineessaa fi allaatiin nyaate naannoo nama 500 oliiti.

Guutamaa Hawaas intala Biiftuu jedhamtu kan qabu yoo ta'u yeroo ammaa Biiftun biyya Awustireeliyaa jiraatti.

Maammoo Mazammir

Koloneel Maammoo Mazammir (1929 - 1969) qabsaawaa mirga Oromooti. Koloneel Maammoon sababa qabsoo mirga Oromootif gochaa tureen murtiin du'aa itti murteeffamee ajjefame.

Seenaasaa

Ijoollummaasaa

Koloneel Maammoo Mazammir abbaasaa obbo Mazammir Habtee Doorii fi haadhasaa aadde Ummee Gurmeessaarraa Shawaa Lixaa magaalaa Amboo Aanaa Gudar keessatti bara 1929tti dhalate. Dhalatees umuriinsaa gaafa barnootaaf ga'u mana barnootaa dajjaazmaach Bashaa magaalaa Gudar keessatti argamu seenudhaan barnoota sadarkaa jalqabaa barate. Akkasumas barnoota sadarkaa lammaffaa mana barnootaa Tafarii Makonnin keessatti osoo hordofaa jiruu mana barnootaa leenjii barsiisotaa Hararitti akka baratuuf barattoota yeroo sana qabxii olaanaa qaban keessaa tokko ta'uungara magaalaa Hararitti imale.

Haa ta'u malee fedhiinsaa yeroo sanaa barnoota qofa osoo hin taane dhimma waraanaas waan barbaadef mana leenjii waraanaa Harar seene. Mana leenjii kana keessattis qabxii olaanaadhaan waan xumureef leenjisaa mana leenjii waraanaa Harar ta'ee muudame. Yeroo muraasa boodas leenjistoota barnoota sadarkaa olaanaa akka barataniif carraa argatan keessaa Maammoo Mazammir isaan tokko ture. Bara 1962tti Yuunivarsiitii Finfinneerraa digirii jalqabaa barnoota seeraatiin LLB argate.

Qabsoosaa

Koloneel Maammoo Mazammir osoo barnootaaf mooraa Yuunivarsiitii Finfinnee jiruu, uummanni Oromoo gurguddoon waliin gurmaa'uudhaan Waldaa Wal-gargaarsa Maccaa fi Tuulamaa jalatti mirga uummata Oromoo kabachiisuuf sochii akka jalqaban odeeffannoo argate. Yeroo kanarraa jalqabees barattoota mooraa Yuunivarsiitii Finfinnee keessaa gara Waldaa Maccaa fi Tuulama keessatti makamuuf sochii jalqaban keessaa Maammoo Mazammir isaan hangafaati. Fedhiin isaa kunis milkoomeefii gara dhaabbata kanaatti makamuudhaan hanga murtoon du'aa itti murtaa'ee fannifamutti sochii guddaa fi bu'a qabeessa ta'e seenaa uummata Oromoo keessatti raawwatee darbe.

Koloneel Maammoo Mazammir bara jireenya isaa harka caalu kiitaaba seenaa fi siyaasaa dubbisaa akka dabarsee fi uummata Oromoo cunqursaa jala jiruuf sagalee ta'uudhaan waltajjii garaa garaa irratti falmii ciccimoo taasisaa ture. Seenan Itoophiyaa sobaan kan

guuttame akka ta'ee fi seenan Oromoo dhofkamaa akka jiru kan bare Maammon, kitaabaa "Seenaa Oromoo" jedhamu barreessaa ture. Kanatti kan hingammanne nafxanyoonni, barruu kana yeroo inni hidhamu manasaatii fudhanii akka badu godhani. Kana malees Maammon, barreeffamoota karoora mootummaa haaraa hundeessuu ibsu fi heera haaraa kan sirna abbaa-lafaa balleessee qonnaan bulaa abbaa lafaa godhu qopheessee ture. Kunis, nafxanyootaf mataa-dhukkubbii guddaa itti ta'e.

Koloneel Maammon, Afaan Oromoo, Amaariffaa fi Ingiliffa sirriitti danda'a ture. Yeroo sanatti walaloowwan adda addaa Afaan Oromootin barreessee walga'ii Maccaa fi Tuulmaa irratti dhiyeessun ummata gammachiisa ture. Kana malee, taba adda addaa kan hacuuccaa Oromoon keessa jiru agarsiisan barreessee walga'irratti dhiyeessa. San bukkeetti, Maammon nama dubbii danda'u waan ta'eef dargaggoota heddu gara waldichaatti fide.

Mul'ata guddaa kan qabuu fi nama fageessee yaadu kan ture Maammon, qabsaawota Fincila Baalee wajjin Maccaa fi Tuulamni hariiroo akka uumu namoota godhan keessaa isa tokko. Xalayaa qabsaawota Baalef barreesserratti akkas jedhee ture "seenaa ilma namaa keessatti, ummanni mirgaa fi bilisummaa isaatif du'a odoo hinsodaanne qabsoof ka'u yoomiyyuu niinjifata". Haala kanaan, Finciltoonni Baalee fi Maccaa fi Tuulamni waliin akkamitti akka socho'an mari'achaa turan.

Sobaan Himatamuusa
Miseensota Maccaa fi Tuulamaa irratti duulaa kan bane mootummaan Hayilasillaasee himata sobaatin koloneel Maammoo himate. koloneel Maammoo Gurraandhala 10 bara 1967 uummata Siniimaa Ampiir keessatti walitti qabamerratti boombii dhukaaftee namoota hedduurratti miidhaa geessise jechuudhan himatame. Boombii kana kan kiyyeesse garuu humna tikaa nageenyaa mootummaa yoo ta'u namoota kana keessaa tokko wayita kiyyeessu itti dhuka'ee harki irraa cite. Guyyaa muraasa boodas, Mammoon boombii situ dhukaase jechuun qabame. Erga boombichi dhoo'ee guyyaa kudhan booda, Maammon gara mana siinimaa geeffamee suura kaafame. Mana hidhaa keessattis, reebichaa fi dararaa guddaan walirraa hincitin irra ga'e. Dararaa guddaa boodas Maammon anatu godhe jedhee akka mallateessu dirqame. Akkaataa kanaan, shira mootummaan fiwudaalaa hojjateen himatamee gaafa Gurraandhala 28, 1969 murtoon du'aa irratti murtaa'e. Diraama kun Maammoo qofa odoo hintaane, miseensota Maccaa fi Tuulamaa hunda qabuuf sababa gaarii ta'eef.

Koloneel Maammoo Mazammir gaafa diraamaa mootummaan dalageen murtoon sobaarratti muraataa'ee fannifamuuf jedhu dhaamsa dhumaa akkas jechuudhaan dhaammate:

dhiigni koo dhiiga mirga uummata oromoo kabachiif dhangalaatedha malee dhiiga lafatti bade miti. Dhiignii koo qabsoon Oromoo akka latu bishaan ta'eefi guddisa. Har'a maalummaa uummata Oromoo balleessuudhaaf nama uummata Oromoof qaroo ta'e damee tokko murtanis dameen uummata Oromoo sagal ta'ee lata. Dhiiga uummata oromoo har'a dhangalaa'aa jirunis ta'e bor dhangala'u dabalatee uummati Oromoo mirga isaa akka kabachiifatu hinshakkinaa. Garuu mooti badii ani hinhojjatiniin murtoon kun akka narratti raawwatu godhee fi fakkaattonni isaa ummata Itoophiyaarraa murtoon wal fakkaataa akka isaan qaqqabu itti naaf himaa!
Koloneel Maammoo Mazammir himata sobaa ragaa hin qabneen himatamuudhaan bara 1969 mana adabaa "alem beqqanyi" jedhamu keessatti fannifame. Koloneel Maammoo Mazammir osoo mirga uummata Oromootiif hin fannifamin dura abbaa ijoollee lamaa ture.

Hayilamaaram Gammadaa

Hayilamaaram Gammadaa (1915 - 1970) qabsaawaa mirga Oromoo fi hoggantoota Waldaa Maccaa fi Tuulamaa keessaa isa tokko. Hayilamaariyaam reebichaa fi dararaa mootummaan Hayilasillaasee isarraan ga'erraan kan ka'e yaallamaa turee Adoolessa 1, 1970 lubbuunsaa dabarte.

Seenaa Duubaa

Hayilamaaram Gammadaa kutaa bulchiinsa Shawaa Kaabaa, aanaa Jiddaa keessatti bara 1915 maatii qonnaan bulaarraa dhalate. Yeroo inni barnoota sadarkaa lammaffaa barachaa jiru Xaaliyaanin Itoophiyaa weerarte. Hayilamaaram Gammadaas Raas Abbabaa Aragaay (akaakayyuu Goobana Daaccii) jalatti galuun Xaaliyaanii lolaa ture. Boodarra Xaaliyaanotaan booji'amee Somaaliyaatti waggaa sadi'i hidhame. Erga Xaaliyaanin bara 1941 Itoophiyaadhaa baatee booda, Hayilamaaram biyyatti deebi'ee Ministeera Humna Namaa keessatti mindeeffamee Shawaa, Tigraayi, Harargee, Kafaa, Iluu Abbaa Boor, Arsii fi Sidaamoo keessatti hojjachaa ture. Kutaalee Oromiyaa hedduu keessa socho'uun odeeffannoo seenaa Oromoo, aadaa, duudhaa fi dhaabbilee siyaasaa guuraa ture. Carraa hojiisaa kanaanis Haayilamariyam bakka hedduu waan deemeef, waa'ee Oromoo fi kutaalee Oromiyaa akkasumas, mala bulchiinsa jallaa ummata Oromoorratti mootummaa yeroo sana tureen fe'amee jiruu fi walumaa galatti waa'ee Impaayera Itoophiyaa kana hubannaa gaarii argachuu danda'ee ture.

Bulchiinsa loogii sanyii, dhiittaa mirga dhala namaa Oromoon lafa itti dhalatee keessatti irratti geggeeffamuu fi akka sabaatti tuffatamuu fi maqaa hinmalleefiin waamamuunsaa Haayilamaariyam kutaalee Oromiyaa adda addaa keessatti argaa ture sun boqonnaa dhorkate; hojiisaa qalbiin itti fufee hojjachuu hindandeenye. Rakkoo sana keessaa Oromoo kan baasuu danda'u Oromoo malee qaamni biraa jiraachuu akka hindandeenye hubate. Kaanfis ofirraa jalqabuun akka barbaachisu murteessuun hojii mootummaa yeroo dheeraaf hojjachaa ture gad lakkisuun dhuunfaan hojii abukattummaa seeraa hojjachuu jalqabe. Hojiinsaa kunis barnootaan kan deeggarame akka ta'uuf, guyyaa hojjachaa galgala ammo barnoota seeraa Yuunivarsiitii Finfinneetti barachuu jalqabe. Barnootasaa kanas xummuree Diploomaan erga eebbifameen booda, jiruu fi jireenyasaa hafe Oromoo salphina isa mudate keessaa baasuuf ga'eesaa ba'uuf of qopheessuu jalqabe.

Hojiin seeraa inni dhuunfaan hojjatu kunis Oromoota kutaalee Oromiyaa adda addaarraa dhufan wajjin kan wal isa barsiise yoo ta'u, namoota qunnamuu hundaa irraa waan inni dhaga'u haqa barbadaaf dhaaddachaa fuula duratti dhihaatanii haqa osoo qabanii sanyiin looginsa ta'u yeroo hubachaa deemu, jibbiinsi sirna sanaaf qabu jabaachaa hawwii inni qabsoof qabu ol ka'aa deeme. Akeeka isaa fiixaan baasuufis umanni Oromoo bifa kamiinuu of ijaaruu fi ijaarsa sanaan tokkummaan qabsoo gochuu akka qabu waan itti amaneef, hayyama mootichi Hayilasillaasee uummanni of ijaaruu danda'a jedhee baasetti dhimma bu'aan namoota yaada akka isaanii qaban waliin ta'uun bu'ureffamni Waldaa Maccaafi Tuulamaa mirkana akka ta'u taasise.

Hayilamaaram nama dubbisuu jaalatu, waan haaraa baruuf nama fedhii qabu fi nama sammuu qara qabu ture; kunis seenaa Oromoo hedduu akka beeku isa godhe. Hayilamaaram seenaa fi aadaa Oromoorratti beekumsa olaanaa qaba ture.

Waldaa Maccaa fi Tuulamaa Keessatti

Hayilamaaram Gammadaa namoota Waldaa Maccaa fi Tuulamaa hundeessan keessaa tokko yoo ta'u barreessaa waldichaa ta'ee hojjachaa ture. Hayilamaaram hogganaa koree seeran ittiin-bulmaata waldichaa baasu ture. Maqaa waldichaallee kan baase isuma yoo ta'u asxaa dhaabichas akka odaa ta'u kan yaada dhiyeesse isa ture.

Sochii Hayilamaarama Maccaa fi Tuulama keessatti godhu, sirna fiwudaalaa Hayilasillaassee baayyee sodaachise. Akkasuma ta'ee garuu, mootichi Hayilamaaram irratti balaa qaqaabsiisuu odoo hintaane ofitti butuun dhimma itti ba'uuf saganteffate. Haala kanaanis hojii mootummaatti deebi'ee mindaa fi itti gaafatamuummaa guddaa akka qabaatuuf yaadun xalayaan ajajani. Hojii isaa kennames itti gaafatama abbaa seeraa fi qeeyee mootummaaf ammoo gorsituu seeraa ta'ee akka dalaguuf ture.

Muudamni kun maalif akka ta'e Haayilamaaramiif battalumatti galeefi. Yeroo gabaabaaf erga hojjateen booda fedha isaan hojicha gad lakkisee ba'uun yeroosaa guutummatti ijaarsa Waldaa Maccaafi Tuulamaa irratti dabarsuu jalqabe. Hojiisaa gadi lakkisee yeroo muraasa booda hidhattoota mootummaatin qabamee mana hidhaatti darbatame. Qabeenya isaas maqaa idaa baankii jedhuun horii hintaanetti gurguruun mormitoonnisaa akka qircatan taasisanii. Akka kanatti maatii fi qee'eesaa dirree gubbaatti rakkinaaf saaxilan. Mana hidhaa sana keessattis dararama qaamaafi qalbiin irra ga'aa tureen erga dadhabeen booda manatti galee haa du'u jechuun yeroo lubbuun isaa ba'u geessu manatti galchan.

Waldaan Maccaa fi Tuulamaa erga dhorkamee booda sababa hirmaannaa waldicha keessatti qabuun reebichaa fi dararaa guddaa mootummaan fiwudaalaa irraan geessise. Hayilamaariyaam Gammadaa reebichaa fi dararaa isarra ga'erraan kan ka'e mana murtii dhufuu kan hindandeenye ta'ullee sireedhan baattame akka dhufu ajajame. Gara boodaa garuu gara mana yaalaa akka deemu eeyyamameef. Mana yaalaa deemee yaallamaa odoo jiruu baayyee waan miidhameef torban tokko booda Adoolessa 1, 1970 lubbuunsaa dabarte. Gara mana yaalaa deemuf yeroo ka'u, Hayilamaaram jaallewwansaatin akkas jedhe:

"Kana booda waan wal arginu natti hinfakkaanne. Nuti duunus du'uu baannus, kaayyon keenya kan Oromoo bilisoomsuu ijoollee fi ijoollee ijoollee keenyatiin galma niga'a"
Waa'ee Maccaa fi Tuulamni akka hinsochoone dhorkamuu fi miseensoni waldichaa hidhamuu ilaalchisee akkas jedhee dubbate:
"Hoggantootaa Maccaa fi Tuulamaa hidhuu fi ajjeesun, waldaan kun akka hinsochoone dhorkuun qabsoo mirgaa ummani Oromoo godhu hinukkamsu. Wanti nuti hojjanne akka bofa hudduu lixeeti, yoo harkifamee ba'es yoo achi keessatti dhiifames tokkuma. Summiisaa qaata facaaseera waan ta'eef"
Hayilamaaram, qabsoo Oromoo keessatti, gumaacha godheen yoomiyyuu ni yaaddatama.

Eebbisaa Addunyaa

Eebbisaa Addunyaa weellisaa beekkamaa fi qabsaawa mirga Oromoo ti. Kan inni ittiin beekkamu keessaa tokko walleesaa kan gootummaa faarsuu fi deeggarsa olaanaa ABOf, dhaabbata Oromoon hiree isaa ofiin akka murteeffatuuf qabsaawu, qabuuni. Eebbisaan Humna Poolisii Federaalatiin gaafa Hagayya 27, 1996tti manaasaa isa Finfinnee jiru keessatti ajjeefame.

Ebbisaan kan dhalate naannoo Oromiyaa Wallagga Lixaa magaalaa Dambi Doolloo keessatti. Eebbisaan maatiisaaf ilma angafa yoo ta'u obboleeyyan dhiiraa 2 fi durbaa 3 qaba. Eebbisaan nama kennaa qabuu fi dargaggeessa kabajamaa ture. Barumsaa sadarkaa 1ffaa Mana Barumsaa Oliiqaa Dingilitti kan barate yoo ta'u, barumsa sadarkaa 2ffaa ammoo Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Qeellamitti barate. Eebbisaan qormaata biyyoolessaa fudhatee waan darbeef yuunivarsiitii galee barachuuf qophaa'aa ture.

ABOtti Makamuusaa
Bara 1991, odoo Eebbisaan ramaddii yuunivarsiitii eeggachaa jiruu, humnoonni ABO,

ABUT(TPLF), fi ADWUI(EPLF) mootummaa Dargii kuffisan. Magaalaa Eebbisaan keessa jiraatu Dambi Doolloo keessatti, ABOn buufata waraana guddaa dhaabe. Yeroo sana, Eebbisaan haalli jireenya ummata Oromoo garbrummaa ta'uusaa waan hubateef akkasumas barbaachisummaa Oromoon hireesaa ofiif murteeffachuuf qabu waan itti amaneef, kanaaf qabsaawuuf jecha dhaqee ABOtti makame. Eebbisaan jalqaaba akka daballeetti kan leenji'e yoo ta'u dandeettii addaa waan agarsiiseef, buufata ABO kan Dambi Doolloo keessatti leenjisaa dabballootaa ta'ee muudame. Dandeettii waraanaa qofa odoo hin taane, Eebbisaan dandeettii sirbaas ni qaba ture; kennaa sagalee isa qabu bukkeetti meeshaalee muuziqaa baayyees ni tabata. Sababa kanaaf, Eebbisaan hawwisoo ABOtti makamee aadaa, wallee, fi eenyummaa Oromoo mullisuurratti ga'ee guddaa tabate.

Bara 1991 fi 1992 guutummaassa, Eebbisaan Oromiyaa keessa naannoo adda addaa (kibba, kibba lixaa, giddu galeessa, dhiha) deemee weellisaa ture; sirboonni isaa sirba aadaa yoo ta'an ergaansaanii garuu kan warraaqsa (revolution) kakaasan turani. Eebbisaan, sirboota isaatin hacuuccaa ummata Oromoorra ga'u ifatti baasee kan ibsu yoo ta'u karaa ittiin Oromoon mirga isaa gaafatuu fi falmatus ni ibsa.

Akka nama dhuunfaatti, Eebbisaan nama gara laafessa ture; ummata Oromoo garaa guutudhaan jaalata ture, baayyee dimmaafis ture. Eebbisaan namoota gargaaruu fi dhimmuufiif nama duubatti hin jenne ture; obboloota isaa, firootasaa, ollaasaa, namoota gargaarsa barbaadan kamiyyuu ni gargaara ture. Eebbisaan artisitii baayyee jaalatamaa, dinqisiifamaa, fi saboonaa dha. Eebbisaan jalqabaa qabee gootummaadhaan beekkama. Erga ABOn biyyaa ba'ee geggeessitoonni isaa biyyaa baqataanii ABO dhoksaadhaan socho'uu jalqabee boodalle, Eebbisa sirba isaatin hammenya mootummaan Itoophiyaa ummatarraan ga'u ibsuu hin dhiifne. Eebbisaan baayyee ija jabeessa, kan hin sodaanne fi ifatti hojii shororkeessummaa mootummaan Itoophiyaa ummata Oromoorraan ga'u balaaleffachuurraa duubatti jedhee hin beeku. Deeggarsa WBOtif qabus amma dhumaatti ittuma fufe.

Sababa Eebbisaan ija jabeessa ta'eefi ifaan ifatti ajjeechaa fi sarbama mirgaa mootummaan Itoophiyaa raawwatu balaaleffatuuf, ofuma isaayyuu ilaalcha mootummaa keessa akka galu godhe. Akka Oromia Support Group Press Release No 17 jedhutti, nama umurii 26 kan ta'e hiriyaan Eebbisaa mootummaan akka isaan hordofaa fi too'achaa(surveillance) akka jiru bare; Eebbisa iddoowwan waltajii adda addaatti konkolaatadhaan kan geessu isa ture. Gaafa Hagayya 30, 1996 Eebbisaa Addnuyaa ergamtuu mootummaa Itoophiyaatin manasaa keessatti Finfinneetti ajjeefame.ebbisaan jalalii innii oromoof qabuu guddadha ebbisaan akkaa matiin matisa akkaa amara irra dhufaan ni dubbatama.

Ajjeefamuusaa
Akka gabaasa Oromia Support Group Press Release No 14 kan Onkoloolessa 1996tti: weellisaa sabboonaa Oromoo Eebbisaa Adduynaa fi hiriyaansaa Xanna Wayyeessa ergamtuu humna nageenyaa mootummaa Itoophiyaatin gaafa Hagayya 30, 1996tti ajjaeefame. Yeroo namoonni meeshaa waraanaa hidhatan manasaa cabsanii seenan Eebbisaan manasaa kan naannoo Shiroomeedaa lakk 094, Olaanaa 13, Ganda 01 jiru keessa jira ture. Mannisaa kun kaaba Imbaasii Ameerikaa kan Finfinneetti argama.

Namoonni ijaan argan akka jedhanitti, reeffi mana keessaa harkifamee konkolaataa Laandi Rooverii kan lakkoofsa eeyyamaa mootummaa qabutti (government license plate) fe'ame. Ergamtoonni mootummaa warri isa ajjeesan jalqaba namoonni karaarraa akka sokkan godhan. Namoonni dhukaasa qawwee dhaga'anii manaa gadi bahanii ilaalan gara manaatti akka ol deebi'an ajajaman. Reeffi isaanii guyyaa itti aanuu hospitaala Minilik kutaa reeffaa keessaa argame. Erga Eebbisaan ajjeefamee maatin Eebbisaa rukkuttaa mootummaa

keessa galan; ergamtoota DhDUO kan Dambi Doollotiin hacuuccaa fi miidhaa baayyetu isaanirra ga'e. Obboleessisaa Ashannaafiin ergamtoota Wayyaanee fi DhDUOtin si'a baayyee hidhamee.

Agarii Tulluu

Agariin Tulluu qabsaawaa mirga Oromooti. Agariin bara sirna abbaa lafaa keessa cunqursaa ummata Oromoorra ga'u balaaleffachuudhan qabsoo waraanaa jalqabe. Qabsoo irra guddaa gochaa kan ture naannoo Salaaletti ture. Qabsoo kana gara naannoo biraattis baballisuuf sochii gochaa ture.

Ijoollummaasaa

Agarii Tulluu giddu galeessa Oromiyaa godiina Shawaa Kaabaa aanaaa Dagam iddoo addaa Leemman sillaasee jedhamuutti bara 1934tti dhalate. Agarii Tullu diimaa gara magaalatti aanuu fi dhaabbanni isaa baayyee gabaabadha. Yemmuu alaalaa ilaalan nama homaa hin beekne wayii fakkaata. Yeroo baayyee fuula isaa iraa gammachuutu dubbifama. Onneen isaa garuu dhiibbaa ilmaan nafxanyaatin madooftee jirti. Namoonnii isatti dhiyaata akka ragaa bahanitti Agariin garraamessa. Garraamummaan isaa garuu sodaataa isa hin goone, hinumaayyuu akka inni hiyyeessaf falmuuf baayyee gargaare.

Agarii Tulluu bishaan daakudhan yeroo ijoollumaasaa dabarse. Gootichi Agarii Tulluu umurii ijoollumaatin bara 1950tti leenjii looltummaa fudhachuuun waraana yeroo sana kubur zabanyaa jedhamu kana mana mootummaa eegu keessatti qaxaramuun magaala Finfinneetti gale. Waraana keessatti qaxaramuu murteessuun isaa jaalala sirna sanaaf qabu osoo hin taanee booree garaa isaa guutte baafachuuf mala ittiin leenjii loltummaa fii meeshaa waraanaa argatu mijeeffachuufi. Wayita looltuu kubur Zabanyaa ta'ee hojjeechaa jiru kanattii loogin sanyii biyya kana keessatti dagaagee jiru fi cunqursa uummata Oromoo irra gahaa ture sana arguudhan garaan isaa caalatti murtii qabsoo hidhannoo gochuuf murteesse sanarra akka ga'uuf gumaacha guddaa godhe. Kana malees wayita Salaale lafa dhaloota isaa turetti dhiibbaa ilmaan Nafxanyaa yookan Abbaan lafa ilmaan Oromoo irraan gahaa jiran suni umrii ijoollumaati sammuu Agarii keessa seeee jira.

Qabsoo Inni Godhe

Wayita loltuu Kubur zabanyaa ta'uun Finfinneetti tajaajila ture sana miseensa Waldaa wal-gargaarsa Maccaa Fi Tuulama ta'uudhan sochii sabboonummaa Oromoo waldichaan jalqabame sana keessattillee qooda fudhachaa akka ture seenaa jireenya isaa irra mirkaneeffannee jirra. Waldaa kana keessattis jeneraal Taaddasaa Birruu wajjin wal baree dhimmaa qabsoo Oromoo irrattilleen mar'achaa akka turanii fi Agariin caalatti akka inni murtii jabaa kanarra ga'uu godhee jira.

Bara 1959tti wayita hooggantoonni Waldaa Maccaa fi Tuulama mootummaa Hayilasillaasetiin yakkamanii mana hidhaa gala sanatti Agarii Tulluu immoo hojii loltummaa kubur Zabanyaa hojjecha jiru sana dhiise meeshaa waraanaa hidhatee jiru fudhachuudhan gara bosona Salaaleetti qajeele. Tarkaanfii kana fudhachuuf kan isaa kaakaase cunqursaa uummta Oromoo irra jiru san hambisuuf karaa nagaa waan hin yaadamneef qabsoo hidhannoo geggeessuun barbaachisaa ta'uu isaa waan itti amaneef.

Erga qabsoo hidhannoo irratti bobba'ee booda sodaa tokko malee uummata fincila diddaa garbummaatif akka kakka'an barsiisaa ture. Uummanni abba lafaa akka hin gabbaree fi abbaan lafaa immoo uummata irra irboo akka hin fudhanne akkeekkachiisaa kan ture wayita ta'u abbaa lafaa ajaja isaa kana fudhachuu dide irratti immoo tarkaanfii fudhachaa ture. Ilmaan Nafxaanya gochaa Agarii kun kan aarse fii rifachiise waan ta'eef gootni kun akka

waan shiftaa ta'ee fakkeessudhan uummata burjaajessuuf yaalan illeen gochaa isaa amala shiiftaa waan hin qabneef uummanni irraa hin fudhane. Sababiin isaas Agariin akka shiftaa qabeenya namaa kan saamu osoo hin taane rakkoo hiyyeessaaf nama falmuu fi qabeenya warra ilmaan nafxanyaa qofa addaan baasee nama saamaa ture.

Agariin bosonaa keessa dhokaate kan ta'uu osoo hin taanee guyyaa saafa'aan baadiyyaadha hanga magaalatti uummata keessa deemee balaa sirni sun uummata Oromoo irraan ga'aa ture sana nama ifatti uummata barsiisaa ooludha. Sabaabin isaa immoo uummmata biratti fudhatama waan argatee fi qabsoo inni gochaa jiru uummata bal'aaf ta'uu uummanni duurse waan hubateefi.

Agariin ummata Oromoo biratti jaalala guddaa waan horateef mootummaan garboofta abbaa irree sanaaf Agarii argachuun lilmoo takkittii tuulaa cidii guddaa keessa barbaaduu itti ta'e. kana irraa ka'uudhan nama Agarii qabes ta'ee nama Agarii bakka jiru argee mootummatti himeef badhaasni guddaan akka kennamu labsame.

Gootni kun baayyee abshaala waan ta'eef tooftaa garaa garaa fayyadamuudhan uummata amansiisaa akka ture ni dubbatama. Faakenyaf bara qabsoo isaa keessatti guyyaa tokko ergamtoonni mootumma garboofata abbaa irree biraa dhufan kan dhalootan Oromoo ta'an Agarii qabanii keennuuf akka dhufan waan duursee dhaga'eef galgala bakka isaan jiranitti akkuma tasa irra ga'e. Sana booda jarri nu ajjeessa jedhanii baayyee rifatan, inni garuu akka isaan ajjeessuf hin dhufne itti hime tasgabeesse. Sana booda "akka ana qabuuf yookan ajjeesuuf dhuftan dhaga'een dhufe, akkanumaan dhaamaatan malee ana rasaasni na hin ajjeessu jechuudha isaan fuuldura dhaabbatee rasaasa sobaa kan yeroo kubur zabanyaa ture argate qawwee isaa keessa galchuun ofitti dhukaase du'uu didnaa jaarrii baayye rifatte. Itti aansee immoo rasaasa sana qawwee isaa keessa godhee ergamtoonni sun akka itti dhokkasani ajajee fuuldura dhaabbate. Haaluma inni ajajee dabaree dabareedhan itti dhokaasan, garuu Agarii hooma hin taane. Sana booda Agarii rasaasni hin dhawu jechuudha ballinaan odeeffame. Kuni immoo sodaa Nafxanyoonni Agariirraa qaban kan dabalee fi fudhatamni Agarii uummata keessatti qabullee akka dabalu taasise. Kabaja guddaas akka argatu ta'e.

Agarii Tulluu hordoffiin mootummaa abbaa irree waan itti baayyateef yeroo hunda of jijjiiret qabsoo sana adeemsisaa ture. Yeroo tokko qeesii fakkatee yoo deemee yeroo biraa immoo kadhatuu fakkaatee deemaa. Yemmoo barbaade immoo qotee bulaa baadiyya fakkaate waan garaa isaa hojjechaa ture. Yeroo sana namoonni oduu funaananii qaama nageenyatiif geessaan "Agariin qeesii fakkatee amma asii darbee agarree ture" yoo jedhan tibbaa sana namni uuffata qeesii uffate hundi qaama nageenyatiin qabamanii qoranna irratti gaggeeffama. Xiqqoo turanii immoo "Agariin Kadhattuu fakkaatee yommuu asiin darbu agarree turree" oduun jedhu qaama nageenyaa qaqaba. Tibba sana immoo kadhattuu hundi qabamanii mana hidhatti guurramuun kanuma barame. Garuu Agarii argachuun hin dandeenye. Agariin gaafa ofii isaatii barbaade malee qaama nageenyatti hin mul'atu garuu isaanuma wajjin oolun kanuma barame.

Ummanni Oromoo salaalee akka Agariin harka mootummaa oftuulaa sanatti hinkufneef akka armaan gadii kanatti sirbaan waaqa kadhatuuf.

Kuyyuu hinroobin yaa cabbii
Hurufa kuyyuu hinroobin yaa cabbii
Nafseetti faradanii Agarii Tulluu baasi yaa rabbii
Gaafa Nafxanyoota irratti tarkaanfi fudhachuu barbaades tasa osoo hin taane akka qopha'anii eegani dura ergaa itti dhaameetuma dhaqa. Fakkeenyaf guyyaa tokko Bulchaa

aanaa Dagam yeroo sanaa kan ta'etti akka dhaquu ergaa itti dhaame. Guyyaa jedhame yoo ga'uu namichi waardiyyoota isaa qabatee meeshaa isaa hidhatee loltuuta isaa hidhachiisee dhufa Agarii eegutti ka'e. Osumaa eegaa jiru kadhataan uuffata baayyee moofa'e uuffatee kadhachaa deemu tokko mana bulchaa kanaatti goree kadhate. Hojjettooni isaa kadhataa kanaaf miidhan kennaniifii nyaachisan. Kadhatichis "aduun waan itti dhiittef bakkin ani deemu immoo bosona keessa darbeeti waan ta'eef shiftaan na reebaa akka gooftan keessan na bulchuuf naaf kadhadha" jedhen. Hojjettonnis goofta isaani kadhataniif yaa bulu, achi baaxii mana jala yaa ciisu jedhee hayyameefi kadhatichi bakka bultee argate. Sana booda dhufa Agarii eeguu itti fufan. Sa'aati beellamaa darbus Agariin dhufuu waan dideef abbaa angoo "suni duraanu erga hoomi tiskee na fuldura dhaabatee naan lolti" jechuu tuffii Agariif qabu mullisuun laphee ofii dhiittessee ta' ee. Yeroo kan kadhataa baaxii jala ciisu sun waan namni kun jechaa jiru hunda sirritti dhaga'a. Ergaa obsaan xiqqoo turee booda kadhatichi bakka ciisuu ka'ee shuggixii qanqalloo iitti kadhachaa ture sana keessaa baase gurraa bulchaa sana irratti qabee akka harka kennatu gaafate. Namichis naasudhan qawwee isaa lafa godhatee harkaa itti kennate. Edaa kadhaata bakka bultii gaafate sun Agarii Tulluuti. Sana booda Agarii namichas Wardiyyoota isaa walitti hidhee erga garafaa turee booda mana tokkotti galchee balbala itti cufuudhan meeshaa waraana isaani fi maallaqa fudhatee deemudhan waan ta'e sana akka bulchaa godinichaatti Fiichee deemudhan itti himu ajajee yoo himuu baate garuu yeroo biroo deebi'uudhan akka ajjeessu akkeekkachiise.

Gochaan Agarii kun kan rifachiise fi baayyee aarse bulchaa aanaa kuyyuu yeroo sanii kan ture fitawurarii Muluu Asanuu anuu Agarii nan qaba jedhee dhaadachuudhan bulchaa godinichaatif waadaa galee, akka ittiin qabuuf qawwee Domoftorri Ameerikaa shan kennameefi. Qawween kunis ashkarootasaatii hiruun barbaacha Agariitiif Aanaalee Kuyyuu, Warra Jaarsoo, Giraar Jaarsso, Dagam, Hidhabuu Abootee fi Yaayyaa Gullallee lafa kanaa dura Agariin keessa socha'uun qabsoo gaggeessa ture keessa ka'an. Barbaachaa baayyina keessa naannoo lafa dhaloota Agarii kan taate bakka Leemman sillaasee jedhamuun beekkamtutti Agarii argatan itti marsan. Sana booda Agariin namoota ergmanii isa qabuu dhufan dura dhaabachuudhan injifannoo seenaan hin daganne galmeessisuu danda'ee jira. Namoota qabuu dhufan kaan isaani ajjeessee, kaan immoo madeesse, kanneen hafan immoo dheessanii gara dhufanitti akka deebi'aniif dirqisiise.

Sanaa booda uummanni Salaalee gootummaa kana dingisiifachuudhan akka Muluu of fakkeessanii Agariidhaf sirba armaan gadii kana sirbaniif. Ana rabbitu na baasee Dabalee gurrarra yaasee Burruusee dheefatu baasee Qawwee awuraajjaa gachisiisee

Itti dabaluudhanis akka armaan gaditti weeddisu:

Yaa burruusee
Ashkara koo yaa burruusee
Ni lolla naan jettaniitoo
Sintu rakkoorra na buusee
Jechuudhan salphina Muluu sirbaan Agarsiisaa turan. Burruusee fi Dabaleen ashkaroota Muluu turan.
Guyya tokko bakka Agarii jiru kan duurse hubate Asmaarin duraan Agarii wajjiin deemee faarsa ture qaama nageenyatti hime. Asmaariin kun kan Agarii ganeef namni bakka Agariin jiru hime lafa gaashaa lamaa fi qarshii kuma kudhan badhaasa akka argatu mootumman suni waan labseefi. Sana booda humni dafee qaqqabaa mana Agariin keessa jiru sanatti marsanii yemmuu Agarii bahuu ajjeesuu yookan immoo madeessani booji'uudhaf eeguu jalqaban. Humni waraana dafee qaqqabaa itti marsuu waan dhagayateef toftaa itti harkaa bahu barbaadee jalqabe. Sana booda qamisii dubartii kaawwatee, kophee durbaa godhatee, shaashii hidhatee durbaa bareeddu fakkaatee karuma balbalaati bahee deeme. Yeroo kana

waranni iddoo qabatee eegaa jiru ilaale sanyoon isaa baate inni itti aanee dhufa jedhanii of eeggannoodhan eegutti ka'an. Agariin duubatti darbuudha jaallewwan qabsoo isaa wajjin bombii fi rasaasa itti roobsudhan loltoota baayyee ajjeesee kaan immoo madesse warri kaan immoo gara dhufanitti akka deebi'an godhe. Gama Agariitin jaallee qabsoo tokko qofatu wareegame.

Sochiin Agarii jalqabe kun hirriiba kan dhoowwe mootummaan Hayila sillasee loltoota baayyina gara Salaalee naannoo Agariitti qabsoo hidhannoo gaggeessaa jiru sanatti bobbaasee, Agarii bakka jiru nutti himaa jechuu uummata daraaruu fi hidhuu itti cimsan. Baayyinni loltoota bobba'ee Sulultaa hanga qarre gohaatti kan lafa dhiphise ture. Yaa ta'u malee uummanni naannoo saniii namni tokkoyyuu Agarii dabarsanii kennuu irraa ofumaa dararaa fi gidiraa irra gahu fudhachuuf filatan.

Qabsoon Agariin godhus Salaalee keessaa Aanaa ja'a jechuun Aanaa Dagam, Kuyyuu, Warra Jaarsoo, Hidhabuu Abootee, Giraar Jaarsoo fi Yaayya Gullallee yoo ta'u Shawaa dhihaa keessaa immoo Aanaa Meettati. Kanaaf Agarii eessa akka oolu fi bulu hin beekkamu har'aa bakka tokkotti yoo argame bariisaa immo iddoo biraatti Argama.

Qabamuusaa
Dhumarratti qabsoo hidhannoo kana gara kutaa Oromiyaa biraatti baballisuu fi iddoo jijjiirachuudhan umurii qabsichaa dheeressuuf yaadee gara dhiha Oromiyaa, Wallaggaatti bobba'ee. Gaafa gara Wallaggaatti deemuu Finfinnee naannoo Qacanee Madaniyalemi jedhamu bakka duraan itti boqotutti goruudhan jaallewwaan qabsoo isaatif gara magaalaa Naqamteetti deemuu isaa fi isaan illee akka isa hordoofuun garas deemaan xalayaa barreessef dubartii haadha manichatti kenneefii deemee. Xalayaa kana irraatti Hoteela keessa qubatulleen barreesse ture. Isumaa bakka sanii bahee qaamni nageenya mootummaa abbaa irree Agarii barbaachaf iddoo qacanee Madaniyalemi kana dhaquun mana Agarii boqotu sana seenuun haadha mana sana dirqisiisani bakka Agarii jiru gaafachuun xalayaaa sana dabarsitee akka kennitef seenaa isaa irraa hubanneera. Bakka Agariin boqotu kana kan hime immoo namuma dura Agarii wajjin Dirree Qabsoo galee booda maalaqqaan mootummaan sun bitate akka ta'ee qorannoo seenaa godhame irraa hubannee jirra.

Erga xalayaa Agarii jallewwan isaati katabe sun harka diinatti kuftee booda Gurraandhala 8, bara 1962 tti Magaala Naqamtee hoteela keessa boqote keessatti gootichi Oromoo Agarii Tuulluu harkaa warra oftuultotaatti kufe. Sana booda gammachuudhan Agarii fudhatanii gara Salaalee geessanii magaala Fiicheetti hidhan.

Sana booda uummanni qabamuun Agarii aarse sodaa tokko malee dirreetti bahanii Agariidhaf sirbuu jalqban. Fakkeenya gaafa qabamuu isaa dhaga'an:

Yaa Hoolota oborii
Hoolota Hamdee gugurraa sanii
Shiboo irra maranii
Harka Agarii ibiddo sanii
jechuun dhaamsa dabarfachaa tura.
Dhaamsi sirba armaan olii kanaa dhaamsa guddaadha. Hamdee Abarraa Nafxanyicha uummata Salaaleerraa lafa fudhatee biyyaa isaanirraa akka baqatan godhee yoo ta'u. Hoolota Hamdee jechuun immoo wardiyyoota Hamdee jala kaachudhan uummata isaani rakkisa jiran jechuu isaaniti.

Agariin erga hidhame turtii ji'a tokkoo keessatti akka duuti itti murteeffamu godhan. Sana

booda Eblaa guyyaa Wiixata bara 1962 magaala Ambisootti obboloota isaa Jimaa Tulluu fi Hirkoo Tulluu wajjiin bakka uummannii baayyinan jirutti fannisaani ajjeessan. Jimaa Tuulluu fi Hirkoo Tulluu obboleessa Agarii ta'uun qofa fannifamanii ajjeffaman.

Duutii ijjoollee Tulluu kan baayyee aarse ummanni Oromoo Salaalee akka armaan gadii kanatti sirbaan gadda isaanii ibsachaa turan.

Yaa haadha too yaa Tarrafuu
Tokko du'ee lamat hafuu
Lama du'ee tokkotti hafuu
Sadi du'ee maalitti hafuu
Agarii Tulluu seenaa qabsoo uummata Oromoo keessatti goota bara baraan kabaja fi jaalalaan yaadatamaa kan jiraatu fi sochiin sabboonummaa Oromoo innii godhee laphee ilmaan Oromoo keessa kan hin baanedha.

Abdiisaa Aagaa

Koloneel Abdiisaa Aagaa Oromiyaa, Wallagga kessatti dhalate. Abdiisan waraana Itoophiyaan Xaaliyaanii waliin geggessiteraati gootummaa guddaa agarsiisen ummata biratti beekkama.

Seenaa Isaa
Ijoollummaa fi Waraana Galuu
Koloneel Abdiisaa Aagaa Oromiyaa Dhihaa,Wallagga Dhihaa,Najjotti bara1919 kessatti dhalate. Bara 1925tti mana barumsaa Abbaa Gabra-Maaram seenee afaan Amaariffaa dubbachuu, dubbisuu fi barreessuu barate. Bara 1927, mana barumsa misiyoonii Najjoo seenee Afaan Ingiliffaa barate.

Yeroo umuriinsaa 12, Abbaan Abdiisaa obboleessa isaa ajjeessee mana hidhaa gale. Abdiisan kana ol iyyatee abbaasaa gadi lakkisiisuf gara Finfinnee yoo deemeyyuu, abbaansaa dhumaratti murtii du'aatin ajjeefame. Kanaan gaddee fi aaree, Abdiisan umurii 14tti Waraana Itoophiyaatti dabalame. Bara 1932, Akkaadaamii Waraanaa Hoolotaa seenee waraana barachuun ajaja-kudhanii ta'uun eebbifame. Yeroo waraanni Xaaliyaanii Itoophiyaa qabatu Abdiisanis waraana kanarrati loltuu ta'ee hirmaatee ture. Hiryootasaa wajjini diina Wallagga qabate buqqisuuf gara Wallaggaa deeme. Boodarras hiriyootasaa du'arraa hafan 30 wajjin booji'amee jalqaba Jimmatti hidhame. Hiriyootasaa wajjin ji'a tokko booda Jimmarraa gara Finfinneetti dabarfamanii ji'a lama hidhman. Ji'a lama boodas mana hidhaatii gadi lakkifaman. Bara 1936, Giraaziyaanitti boombin darbatamee waan madaayef, Abdiisaan namoota 42 wajjin qabamee karaa Mitsiwwaatin gara Moqaadishoo geeffamuun achitti hidhaman. Namoota Abdiisaa wajjin Hoolotatti baratan keessa nama 18 erga ajjeesanii booda, namoota 30 hafan Xaaliyaanii geessanii mana hidhaa kuusaa odola Sisilii keessatti aragamutti hidhame. Achitti Kapiteen Juuliyoo, goota Yugozilaavin wal bare.

Mana hidhaattis Abdiisaa fi Kapiteen Juuliyoon michuu ta'an. Waliinis mana hidhaa keessaa badanii miliqan; isaan wajjin hidhamtoota 10 ol ta'an fudhatanii bahanii bosonalatti galan. Guyyaa muraasa booda mana hidhaa sanatti geggeessummaa Abdiisatiin alkan deebi'an; Abdiisaa Xaaliyaanonni hedduu soodaatu turan. Abdiisan eegdota mana hidhaa sanaa hudhee ajjeese. Itti aansun Juuliyoo wajjin uffata eegdota mana hidhaa sanaa fudhatanii uffatan. Meeshaa waraana eegdota sanaas qabatanii eegduu mana hidhaa sanaa fakkaachun karrarraa dhaabbachuu jalqaban. Abdiisaa fi Juuliyoon buufata sana keessa seenun hidhamtoota hunda gadi lakiisan, qondaaltota Xaaliyaanii buuftana sana keessa jiraniin wal waraananii meeshaa isaanii fi rasaasa saamanii, konkoolattota meeshaa

waraanaa fe'an booji'anii gara bosonaatti deebi'an.

Abdiisaanfaa haaluma kanaan loluun hidhamtoota baasuu, baankii, mana kuusaa mootummaa fi buufata kuusaa saamuu itti fufan. Kanaanis lakkoofsi garee isaa guddatee waraana ta'e. Mootummaan Faashistii Xaaliyaanis waraana isaanirratti bane. Gareen kunis Abdiisaa geggeessa isaa godhachun filatee sadarkaa meejerii isaaf keenne. Xaaliyaanonniis Abdiisaa baayyee sodaatu turan. Sodaa kantti fayyadamuun saamtonni Xaaliyaanii fuula isaanii gurraacha dibanii Abdiisaa fakkaachun baankii fi manneen namaa saamu jalqaban. Abdiisaanis jarreen hojii hamaa kanaan maqaa isaa xureessan kana qabee ajjeessa ture. Mootummaan Xaaliyaanii Abdiisaa qabuuf yaalii guddaa gochaa ture garu hin dandeenye. Kun ta'u didnaan, Abdiisaa aangoo guddaa sii kennina jechuun garee isaanitti akka dabalmu gochuuf yaalan. Abdiisan garuu kana hin fudhanne.

Boodarra Waraannii Addunyaa Lammaffaan jalqabame. Humni Allaayidii Biriiten , USA, Firaansi , fi Raashiyaan meejer Abdiisaa, kaapiteen Juuliyoo fi garee isaanitiif beekkamti kennuun meeshaa waraanaa fi gargaarsa kan biraa dhiyeessufii jalqaban. Meejer Abdiisan waraana paartisaanotaa kan addunyaa kan Ameerikaanota, Faransaayota, Ingilishoota, fi Itoophiyaanota of keessaa qabu akka geeggeessuuf filatame. Kaapiteen Juuliyoon ammoo paartisaanota Yugosilaav akka geggeessuuf filatame. Haala kanaa paartisaanonni, duraan baayyen isaanii hidhamtoota kan turan, Xaaliyaanii dadhabsiisun kufaatii isaanitiif karaa banan. Meejer Abdiisan goota waraana Addunyaa lammaffaarratti magaalaa Room booji'edha. Warri Biriitenis Abdiisaa ajajaa Pooilisii Waraan Biriitish godhanii yoo filatan Jarmaanii akka waraanufis gar Jarmaniitti ergan. Achittis Naazii Jarmaniidhan magaalaa adda addaa keessatti loluun isaan mo'era. Dhumarrattis Barliin alaabaa Biriitishii fi Itoophiyaa fannifachuun seene gootummaa isaa addunyaatti agarsiiseera.

Biyyatti Deebi'uu
Dhuma waraana addunyaa lammaffaarratti, warri Biriitish , Kanaadaa fi Ameerikaa , aangoo guddaa akka isaaf kennan itti himuun akka loltuu isaanitti dabalamu gaafatan. Abdiisaan garuu gara biyyaa isaatti deebi'uu akka barbaadu itti imuun dide. Deebin warra Allaayidii waan arseef, yeroo Xaaliyaanin lolaa turetti biyya barbadeessite jechuun himannaa irratti banan. Warri Firaansi, Biriitishi, Ameerikaa fi amma tokko Raashiyaa, haala kanaan isa balaaleffatanii himannaa irratti banan. Akka carraa ta'ee, jeneraalli Biriitish kan duraan badhaasa Abdiisaaf kennee beeku tokko akka Abdiisan gadi lakkifamuuf tattaafachuun hidhaa isa gara adabbii qarshiitti jijjiirsise. Qarshii kanas Abdiisaa fi mootummaa Biriitishtu kaffaale, Abdiisanis gadi lakkifame.

Gootichi Abdiisaa Aagaa dhumarratti gar biyyaatti deebi'e. Hayila Sillaasenis Abdiisa erga simatee booda gara Abbabaa Aragaayitti, Ministeera Ittisaa kan ture, ergee akka inni qacaramuuf ajaje. Abbabaa Aragaay fi gootonnii kan biroo baayyeen gootummaa Abdiisaa waan beekaniif aangoo nurraa fudhata jedhanii isa sodaatan. Kanarraa kan ka'e, Abdiisaa gara jeneraalaatti ol guddisuurra, Abbabaa Aragaay Abdiisaa gara Akkaadaamii Waraanaa Hoolotaatti akka waraana baratuuf erge. Erga ji'oota hedduu baratee booda akka liyuutenaantiitti eebbifame; kunis qondaaltota waraanaa kan Biriiten kan duraan Abdiisan Yuurooppitti ajajaa isaani ture baayyee naasie. Abdiisaan waraa Itoophiyaa keessatti baayyee hacuuccame. Waraan Itoophiyaa fi Somaaliyaa irratti akka loluuf, Abdiisaan gara Ogaadenitti ergame. Achirratti gootumma fi ogummaa waraanaa guddaa yoo agarsiisus, sadarkaan isaa waggaa dheeradhaaf kaapiteen bira ol hin dabarre ture. Boodaraa erga kaapiteen Juuliyoo fi Maarshaal Tiitoo dhimma kana H/silaasetti beeksisaanii booda, Abdiisaan gara sadarkaa koloneelitti ol guddate; eegduu mootis ta'e. Koloneel Abdiisaa Aagaa, warraaqsaa Itoophiyaa kan bara 1974 booddee waggaa muraasan booda du'e.

Alamuu Qixxeessaa

Koloneel Alamuu Qixxeessaa (Bitooteessa 5, bara 1907 - Mudde 09, 2001) loltuu waraanaa fi qabsaawa mirga Oromooti. Koloneel Almuun dargaggummaa isarraa eegalee hanga gaafa boqotouutti umani Oromoon gabrummaa jalaa ba'ee abbaa biyyasaa akka ta'u murannoodhan nama hojjataa turedha.

Dhalootasaa

Kabajamaa Koloneel Alamuu Qixxeessaa abbaasaanii obbo Qixxeessaa Yaadatee fi haadhasaanii addee Haayyuu Roobiirraa Bitooteessa 5, bara 1907 waltajjii Oromiyaa anaa Jalduu ganda Goojjoo keessatti dhalatan. Koloneel Alamuun bakki isaan itti dhalatanii guddatan magalaa Jalduu fi nannoo sana manni baruumsa ammayyaa waan hin jirreef, mana barnoota amantii (qeesii) seenanii barataniiru. Abbansaanii obbo Qixxeessaan, ilmisaanii akka isaanii baratu waan barbadaniif gara Finfinnetti eerganii akka raayyaa waraanaa biyyattii keessatti qaxaramu godhan. Koloneel Alamuun yeroo sanatti raayyaa waranaa Eegduu Mootichaa (Imperial Bodyguard) jedhamee beekamu keessatti qaxaramanii hojjataa osoo jranii gama tokoon ammoo barnoota ammayyaa fi afaan Faaransaayii barachuu eegalan.

Xaaliyaaniin Loluu

Mootummaa sirna goonfoo keessatti qaxaramee osoo hin bubbuliin aangoo ajajaa shantamaa gonfate. Kana keessatti, gara Waraana Maa'icaw akka duulan godhaman. Waraana Maa'icaw kan Xaaliyaanii waliin godhame kanarratti, Koloneel Alamuun luka isaanii rukutamanii gara biyya dhaloota isannii gara Jalduutti galan. Jalduutti galanii maatii isaanii waliin osoo jiraataa jiranii, biyyattiin Warana Xaaliyanitiin weeraramte.

Koloneel Alamuun jagnummaa fi gotummaa uumamaan qabaniin waraana Xaaliyanii kan isa meeshaa ammayyaa hiidhate, diinni adii fi gurracha hinqabu jechudhan waraana Xaaliyaanii qabsoo hidhannootiin falmuutti qajeelan. Lolaa osoo jiranii bara sana dhibee qorichi hin argaminneef kan ummata hedduu fixaa ture dhibee "tasiboo" jedhamee beekamun qabaman.

Koloneel Alamuun dhibee kana irraa akka caarraa ta'ee fayyanillee, abbaan isaa obbo Qiixxeessaa yadatee fi haatiisaa addee Haayyuu Roobii dhibee kanarraa fayyuu hindandeenye. Lamaan isaaniyyuu guyyaa tokkotti ijoollee isaanii koophaatti dhiisanii adunyaa kanarraa darban. Guyyaa tokkotti haadha fi abbaa isaanii kan dhaban Koloneel Alamuun, gaddi dachaa dachaadhaan irratti fe'ame. Obboleewwaniif maatii isaanii hunda jiraachisuun dirqamni kan isaanii ta'e. Haala kanan maatii jirachiisaa osoo jiranii gotoota Jalduu kan Xaaliyaniin lolaa jiran waliin walitti dabalamanii lolaa osoo jiranii harka warana Xaaliyaanitti kufan.

Waranni Xaaliyaanii, Koloneel Alamuu Qixxeessaa irratti murtii du'aa murteesse. Koloneel Alamuun guyyaa ajjeefamuu isaanii osoo eeggachaa jiranii, Xaaliyaniin gama tokkoon Jalduu keessatti Warana Xaalyanii barbadeessaa kan turan gotoota Oromoo kan Dirribsaa Faayyisaa Nagarootiin hoggnamuun akka harka isaanii keennatan kadhachaa waan turaniif, gonni Oromoo Dirribsaa Faayyisaa Xalyanidhaan "nama kiyya qabdanii kan isin harka jiru, Alamuu Qixxeessaa gadi-lakkiftan malee harka kiyya hin kennu" jedhe. Xaalyaniin Gotoota Oromoo Dirribsaa Fayyisaatiin hogganaman of harkatti galfachuuf jecha, Alamuu Qixxeessaa kan duuti itti murtaawe, mana hidhaa isaanii keessaa basanii gadi dhiisan.

Koloneel Alamuun akkuma mana hidhaatii hikkamaniin, waraana Diribsaa Fayyisaatiin hogganamutti dabalame. Gootni Oromoo Dirribsaa Faayyisaa Alamuu Qixxeessaa erga mana hidhaatii hiiksifateen booda, gootota bara sana naannoo Jalduutti argaman, kan akka

Xanqeessaa Keelloo, Mi'eessaa Jombaa, Niigisaa Faajjii, Dinqaa Urgoo fi kanneen biroo waliin warana Mosoloonii kan Jalduu keessa qubatee jiru irratti lola banuudhaan hanga dhumaatti lolaa turaniiru.

Erga Xaaliyaanin biyyaa baatee booda, H/Sillaaseen gara aangoo isaatti deebi'e. Gotonni Oromoo waggaa shan guutuu Xaalyaniin falmaa turan kan akka Kabbaddaa Buzunaash fa'aa aangootti deebi'uu H/Silasee mormaa akka turan keessa beektonni ni dubbatu. Koloneel Alamuun akkuma mootummaan sirni gonfoo dhaabbateen mana barnoota Akkaadaamii Waraanaa Hoolotaa seenaanii barataniiru. Bara 1944, gara kaaba Itoophiyaa Ambaalagee bakka jedhamutti akka duulan ajajamanii rasaasaan rukutamaniiru. Koloneel Alamuun Akkadamii Waraanaa Hoolotattii barsiisaa ta'anii waggoota lamaa oliif hojjataniiru. Koloneel Alamuun Bulichiinsa Mootummaa H/Silasee keessatti sadarkaa gadiirraa egalee hanga Sadarkaa oliitti hojjataniiru. Hojii isaanii kana keessatti, Mootumman sirna gita-bittoota Habashootaa ilaalchi Oromoo fi lammii Oromotii qaban akka gaaritti hubataniiru. Koloneel Alamuun Oromoo ta'uu isaanii irraa kan ka'een, bulchiinsa mana waraana biyyatti keessatti isaanifi Oromoota raayyaa ittisa biyyattii keessa jiran irratti, kan raawwatamaa ture haala qabatamaadhaan argaa turaniiru.

Waldaa Maccaa fi Tuulamaa
Qabsoo uummata Oromootiif daandii kan saaqe tokkoo fi inni guddaan hundeeffama Maaccaa fi Tuulamaati. Maaccaa fi Tuulamni mootummaa sirna nafxanyootaatiin gaggeefamu keessatti, ummata Oromoo gabrummaa jalaa basuuf wareegama barbachiisu kaffaleera. Rakkoo uummanni Oromoo qabu, amma tokko irraa saliphisuuf, misooma maqaa godhatee kan dhaabbate kana keessatti, Koloneel Alamuun jalqaba irraa eegalanii hanga gaafa addunyaa kanarraa darbaniitti, pirezidaantii waldaa kanaa ta'anii halkani fi guyyaa hojjachaa turan.

Koloneel Alamuun, barreessaa Waldaa kanaa kan turan Hayilamaaraam Gammadaa waliin ta'udhaan Oromoonni bebeekkamoo ta'an akka waldaa kana keessatti miseensa ta'an cimsanii hojjachaa turan. Isaan keessaa Jeeneeraal Abbabaa Gammadaa, Jeneraal Tolaa Badhaadhee, Jeeneeraal Jaagamaa keelloo, Dajjazmaach Dani'eel Abbabaa, Kabbadaa Buzunaash fi kan biroo miseensa gochuun yeroo itti hin fudhanne. Akkeekni Waldaa Maaccaa fi Tulamaa beekumsaa fi qabeenya qaban wareeganii uummata Oromoo dukkana keessa jiru kana keessaa gara ifaatti baasuu waan ta'eef, kan lafa qabu lafa isaa kennee, akka manni baruumsaa irratti banamu waan waliigalameef jalqaba duraatiif gochaan kun Koloneel Alamuu Qixeesatiin hojii irra ooleera.

Haaluma kanaan Koloneel Alamuun, bakka dhaloota isanii nannoo Jalduu manni barumsaa tokkollee waan hin jirreef ijoolleen aanaa Jalduu akka barnoota ammayyaa argattee ija banattuuf lafa magalaa Jalduu qabanirraa kaare meetira 10,000 ol eebbisanii ummata Jalduuf keennudhan manni barumsaa kutaa 1-6 itti bananiiru. Haluma kanaan, Kabbadaa Buzunash Misooma Ada'aa Bargaa fi Goroo Makootti kaare meetira 20,000 yoo kennan miseensonnii fi hoggantoonni Waldaa Maaccaa fi Tulamaa duursanii qabeenya fi humna isaanii waakkii tokko malee wareeganiiru.

Waldan Maaccaaf Tulamaa hogganummaa Koloneel Alamuu Qixxeessaa jalatti, yeroo gababaa keessatti ummata Oromoo yoo gaammachiisu, H/Sillaasee fi kanneen isaan marsanii jiran mara ,yaaddoo keessa isaan galcheera. Waldaan Maaccaa fi Tuulamaa xiyyeeffannan isaa inni guddaan, uummata Oromoo barisiisuu irratti waan ta'eef, uummanni Oromoo ammoo yoo of bare akka isaan harkaa ba'u waan beekaniif, adeemsa waldaa kanaa gabaabsuu akka qaban murteeffatan.

Keessattuu Waldaan kun of keeessatti hammatee kan qabu hoggantoota waranaa, hojjatoota mootummaa, barattoota fi qotee bultoota Oromoo akkasums kan akka Saba Oromoo cunquursaa habashootaa jala jiran Sidaamaa, Walaayittaa, fi kkf waliin ta'uun hedduu isaan yaddeeseera.

Mootummaan Jibbamuu Isaanii
Koloneel Alamuu Qiixxeessaa H/Silasee biratti ija hamadhan ilaallamaa turan. Sababiinsaas yeroo Oromoonni Raayyaa hacuuccaarraa kan ka'e fincilanii lola jalqaban "waraanni meeshaa ammayaa hidhate ittiduuluu hinqabu, kun biyyaa keessaa waan ta'eef kan biyyaa keessaa poolisii ta'uu qaba" waan jedhaniif, Mootummaa H/Silasee biratti waamamanii diniin cimaan eerga keennameefiin booda, guddinni karaa seeraa mana waraanatiin keennamuu malu hunda hanga Waggaa 5tti akka hinkennamneef godhamanii, bakka duraan ramadamanii hojjachaa turaanirraa gara biraatti akka jijiraman godhamani. Gara biroon ammoo haala Waldaa Maaccaa fi Tulamaatin walqabateen H/Silaseen hogganoota Waldaa kanaa Jeneeral Taddasaa Birruu fi Jaarsolii beebekamoo Arsii waliin H/Silasee biratti yeroo dhiyaatan Koloneel Alamuu Qiixxeessaa sodaa tokko malee "H/Silaseedham ati maa Oromummaan nu yakkitaa? ati Oromoo miti?" yeroo jedhaniin, H/Silaseen "isa eenyutu nutti himi siin jedhe" jedheen jedhama.

Koloneel Alamuun ilma angafaa Abarraa Alamuu jedhamu kan Ajajaa dhibbaa ta'e qabu ture. Abarraan ajajaa dhibbaa ta'ee Asmaratti ramadamee hojjataa osoo jiru, akka caarraa ta'ee bara lola Jeeneeraal Mangistuu Niwaay Finfinnee yeroo dhufu lola kan afaan bu'e. Abarraan lola kana irratti gara Mootummaa H/Silasee goree lolaa osoo jiruu warana Garmameefaatin ajjeefame.

Koloneel Alamuun ilmi isaanii lola isaaf hinmalle kanarratti du'uusaan bayyee akka gaddan keessa bekitoonni nidubatu. Dhimma Waldaa Maccaatiin yakkamanii yeroo Kaabinoota H/Silasee duratti dhiyaatan, lolarratti yeroo lama rukutamanii waan turaniif "luuka koo yeroo lama isiniif keennera! Ilma koo Abbarraa isiniif kenneera akka lammii Oromoottii ijaaramnee biyya keenya keessatti misooma, guddisuun maaf yakka isiin biratti ta'e?" jechuun gaaffii deebii hinarganne hoggantoota Mootummaa H/Silasee tii dhiyeesaniiru. Ilmi isaanii Abbarraan Mootummaa H/Sillaaseef du'uusaan hedduu akka gaddaan bekitonni ni dubbatu. Hata'uu garuu hogganummaa isanitiin kan dhalate waldan Maccaa fi Tuulamaa akka dhabamee badu, kaabinoota H/Silaseetiin hoggantoonni waldaa kanaa, sobaan yakkanii adabbiin adda addaa yeroo irratti murtawu, Koloneel Alamuu irratti murtiin adda addaa sadii (3) irratti murtaaweera: Hidhaa cimaa waggaa 10, maqaan isaanii koloneelummaan akka irraa mulqamu fi yeroo mana hidhaatii hiikaman mirgi eenyummaa akka waggoota shaniif irraa mulqamu kan jedhu ture. Koloneel Alamuun akka uummani Oromoo isaan arguu ykn gaafachuu hin dandeenyeef faggeessanii Gondoor magalaa Dabra Taaboritti akka hidhaman godhaman. Yeroo mootummaan H/Silasee kufu, hoggantooni waldaa kanaa hundu mana hiidhati hiikkaman.

ABO Deeggaruu Isaanii
Erga mana hiidhatii hikkamanis uummani Oromoo akka blisummaa isaa gonfatee abba biyyaa isaa ta'u, bakkoota adda addatti aanaalewwan fi kutaalewwan Oromiyaa keessa naannawanii keessattuu bara 1991/1992 barsiisaa turaniiru. Ibsa isaan waajiraa ABO yeroo sana Gullallee jiru dabalatee keennaa turan mootummaa wayyaanee biratti isaan balaleefachiisullee sodaa tokko malee uummata kanaaf of keennanii hojjataa turaniiru.

Bara 1992 keessa, hogganaan wayyaanee Mallas Zeenaawwii bakka jirutti wamamanii osoo waliga'iirra jiranii bakka bu'aa OPDO yeroo sanaa kan ture Kumaa Dammaksaa, "uummata Oromoo kan diigu kan akka keessanii kana" yeroo jedhaniin Sodaa kan hin beekne Alamuu

Qiixxeessaa "Yeroon ani mirga Oromooti falmuu jalqabu ati hudduu kee hinxaraganne" jedhanii waliga'ii sanarratti kumaa salphisanii akka gadi teesisaan namoonni walga'ii sanarratti argaman ni dubbatu. Koloneel Alamuu bara jireenya isanii yeroo hedduu mana isanii dhaqee waliin dubbachuu carraa argadheera. Abbaa kiyya waliin nannoo tokkotti waan waliin guddataniif walitti dhufeenya qabu. Akkuma ABOn Mootummaa Ce'uumsa keessaa ba'een ijoollee Oromoo rakkoon irra ga'ee hunda gargaraa turan. Anaafis gargarsa nagodhaniiru. Yeroo sana waan lama isani irraa dhaga'eera. Yeroo sana waan lama isani irraa dhaga'eera.

Oromon tokko ta'u malee, mirga isaa argachuu akka hin dandeenye, dhaabbilleewwan Oromoo blisummaa Oromootiif falman akka tokkoo ta'an irratti hedduu dhamaaniiru. Bakka deeman hundatti, Oromoon osoo lagaafi Amanitidhan wal-hinqodiin harka walqabatee ka'u malee, rakkoo amma jiru keessaa ba'uu akk hin dndeenye hubachiisaa akka turan bara jireenya isanii dubbii isaan godhaa turan Videoo ilaluun ga'adha. Bara 1994 dhabbilee blisummaa Oromoof qabsa'an lameen walitti fiduuf hedduu akka yalaa turan afaan isaanii irraa dhagaeera. Keeniyaa Nairobii keessattii ABO fi IFLO walitti fiduuf beellama qabatanii yeroo isaan Oromiyaa irraa Naa iroobitti argaman, Gara ABO tiin Galaasaa Diilboo yeroo argaman, karaa IFLO amoo bakka bu'an Jaarraa argamaniiru. Hayya dureen ABO yeroo sanaa Galasaa Diilboo eerga Jaarraan hin argaminne, anis bakka bu'aa waliin hin dubadhu! jedhanii akka dhiisan na hubachisaniiru.
Waa'ee Qabsoo Baalee ti. wa'een Qabsoo Balee yeroo ka'u namonni hedduun osoo hin beekiin ykn osoo beekanii, Qabsoo sana kan dhaamse J/ Jaagamaa Keelloo akka ta'eetti himu. Jaagamaa Keelloo Qabsoo diddaa garbummaa Baalee akka hin dhamisine irraa hubadheera.
Bara 1991/1992 yeroo ABOn Mootummaa Ce'uumsa Ithiopiya keessa jiru, waajjiroonni ABO bakka adda addatti yeroo banaman, hoggantonni ABO fi Koloneel Alamuu bakka hedduu deemanii ummata isaniif ibsa kennaa turaniiru. Baatii Onkoloolessa bara 1991 waajjirrii ABO Yeroo Jalduutti banamu, Koloneel Alamuu fi namoonni bebbeekkamoon ABO fi bakkoota biroo irraa argamaniiru. Waliga'ii kana nama qindeesse keessaa nama tokko waanan ta'eef Ummani Anaa Jalduu, Ginddabaratii fi Meettaa Roobii hedduminan akka argaman irratti hojjatameera.

Guyyaa seenaa qabeessa kana irratti kan argaman Kloneel Alamuu Qiixxeessaa, Obboo Damisee Kabbadaa (ABOrraa), Girmaa W/Giyoorgis Sooddoo Jiddaa bakka bu'dhan (Preezadantii), Jeneraal Jaagamaa Keelloo fi kanneen birooti. Jaagamaa Keelloo bara Xaalyaanii nannoo sanatti lolaa waan turaniif Ummata anaa Jalduu biratti maqaa guddaa qabu. Ummani Jalduu, Alamuu Qixxeessa fi Jaagamaa Keelloo maqadhan malee, arganii waan hinbeekinneef isaan argudhaaf Oromoni dhufan heddudha.

Bakki walga'iin kun itti qophaa'e mana baruumsa Jalduu keessatti yoo ta'u, mana baruumsaa kana yeroo Waldaa-Walgargaarsa Maaccaaf Tulamaa hundeessan, jalqaba duraatiif, lafa qaban keennanii kan Ummata Jalduuf ijaarsiisanii, Oromoota nannoo biroof fakkii goddaa kan ta'aniidha.

Boqochuusaanii
Koloneel Alamuun Fulbaana 9, 2001tti lubbunsaani dabarte. Reeffi koloneel Alamuu iddoo dhalootasaanii magaala Jalduutti bakka ummanni isaan jaalattu hedduun argametti awwaallame. Qabsoo isaan mirga Oromootif godhan seenan yoomiyyuu kan hindaganne dha.

Abubakar Muussaa

Abubakar Muussaa (? - 1977) waloo, gaazzexeessaa fi qindeessaa yoo ta'u umuriisaa guutuu mirga ummata Oromoof qabsaawun dabarse. Abubakar Muussaa walaloo sirbaa weellistoota hedduudhaf kenneera.

Seena Duuba
Abubakar Muussaa bara 1940n keessa Harargee nannoo Oborraa Leelee Gabaa, ganda Alii Arbatti dhalate.

Abubakar Muussaa artistoota Oromoo walitti qabuun namoota Hawwisoo Afran Qalloo ijaaran keessa isa tokko. Hawwisoon Afran Qalloo akka jajjabaatuf yaalii guddaa godhe. Walaloo babbareedaa ta'an barreessun, miseensota cimsuu fi qindeessun Hawwisoo Afran Qalloo waggaa torbaaf tajaajile.

Abubakar Muussaa walaloo Afaan Oromoo barreessee weellistoota baayyef keennaa ture; kanaanis muuziqaan Oromoo akka dagaagu taasise. Walaloowwan inni barreesse keessa tokko kan yaadannoo Hundeef (Ahimad Taqii) barreeffamee fi kan Alii Birraa sirbe kana kaasun nidanda'ama:
Yaa Hundee bareedaa
Yaa fiinxee miidhagaa
Azaala jannataa
Mayra bishaan lagaa
Walaloowwan sirbaa Abubakar Muussaa weellistoonni hedduun kan sirban yoo ta'u kana keessaa muraasa kaasuf Alii Birraa fi Abdii Buuh kaasun nidanda'ama. Walaloowwan Alii sirbee fi ummatta biratti baayyee jaalatamaa ta'an keessaa:
Kobaa koo na dhiiftee ati deemuf kaanan
Dubbachuun dadhabee ati naan dubbannaan
Sin barbaada hogguu gadi hinteenye takkaa
Baallama naa qabi essatin si argaa
Hinyaadini hinyaadini yaadni namaan badaa
Maal akkana yaaddaa
Amma lelee lelee
Walaloosaa kan biraa beekkamaan tokkoo fi kan Wagaayoo Nigaatu sirbe:
Hammaarressi hincabuu numa micciirramaa
Garaan ilma namaa torba jijjiirramaa
Erga mootummaan Hawwisoo Afran Qalloo dhorkee booda, Abubakar Muussaa Raadiyoo Hararitti mindeeffamee hojjachuu jalqabe. Raadiyoo Hararitii, namoota akka Shawaaluul Mangistuu, Abdii Qophee (Abdii Muhammad), Muhammad Qophee(Muhammad Ahmad) faa wajjin sagantaa Afaan Oromoorratti mindeeffamee hojjachaa ture.

Adoolessa 12, 1969 (ALH), Abubakar Muussaa yeroo inni oduu dubbisee buufata raadiyootii ba'u, hidhattoonni Dargii karaarratti eeganii itti dhukaasanii ajjeesan. Namoota reeffa isaa kaasuf dhufan akka hinkaafne dhorkanii reeffi isaa ala san bule. Waan nama gaddisiisu, alkan san reeffasaa waraabessi nyaachaa bule. Ganama san lafee miilaa, mataa fi harka qofa arganii awwaalan.